Ministeera Barnootaa Mootummaa Federaalawaa Dimokiraatawaa Ixoophiyaatti

Qajeelfama Hojiirra oolmaa Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa (School Grant) kan Sagantaa Qulqullina Barnootaa Waliigalaa Walgitinsa qabu (GEQIP-E)

Waxabajji 2018

Maanuwaaliin kun hojiirra oolmaa sagantaa qulqullina Barnoota Waliigalaa Walgitinsa qabuutiif gargaara

(This manual supports the implementation of the General Education Quality Improvement Program for Equity or GEQIP-E)

Ibsa Baajata Gargaarsa Manneen Barnootaa

Sagantaan Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa kan qophaa'e akkaataa hammattoo (manual) hoggansa dhaabbilee barnootaa, hirmaannaa ummataa fi qajeelfama faayinaansii barnootaa keessatti ibsamee jirutti manneen barnootaatiif deeggersa maallaqaa ramaduufidha.

Baajatni gargaarsaa bifa liqiitiin kennamuuf karoorfame kun sadarkaa biyyoolessaatti dhimmoota baasii mindaan alaa sadarkaa manneen barnootaa irratti qulqullina barnootaa foyyeessuuf raawwataman deeggaruuf kan qophaa'e yoo ta'u manneen barnootaa mootummaa keessatti kutaa 'O', Buufata Barnoota Filannoo (ABE), manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa, sadarkaa 2ffaa fi Wiirtuu Gurmuu Barnoota Hunda Hammatoo (IERCs) deeggaruun qulqullina barnootaa foyyeessuu irratti hojii hojjetamuuf kan ooluu dha. Akkasumas, sagantaan gargaarsa manneen barnootaa inni haaraan kun manneen barnootaa raawwii hojii gaarii galmeessisaniif qabxilee armaan gadii irratti foyyaa'insa isaan agarsiisaniin badhaasa bu'aa raawwii hojii ol'aanaa irratti hundaa'u (PBAs) ni kenna. Ulaagaaleen kunis:-

i. Fooyya'insa reeshoo/qooddii/ hirmaannaa barattootaa kutaa 2^{ffaa} gara hirmaannaa barattoota kutaa kutaa 1^{ffaa} fi

ii. Fooyya'iinsa reetii turmaata barattootaa hanga kutaa 5^{ffaa} dha.

Kunis kan raawwatamu karaa maatiifi miseensota hawaasaa manneen barnootaa keessatti murtee kennuu, hojiirra oolmaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa fi hordoffii raawwii hojii irratti gahee murteessummaa qabanidha.

Haala itti fayadamni baajeta gargaarsa manneen barnootaa qulqullina barnootaa daa'iman argatan fooyyessuuf oolu irratti maatiin barattootaa fi minseensonni hawaasaa karaa koree gamtaa maatii barattootaa fi barsiisotaa(PTSA) tiin murteessuu irratti ga'ee ol'aanaa qabu.

Ministeerri barnootaas baajata Gargaarsa Manneen Barnootaa kana akkaataa waliigalteedhaan bara baraan kan ramadu sadarkaa hunda irratti kutaa 'O' tiif, manneen barnootaa sadarkaa 1^{ffaa}, sadarkaa 2^{ffaa}, Buufata Barnoota Filannoo(ABE) fi Wiirtuu Kenna Deeggarsa Barnoota Hunda-Hammatoo (IERCs) filatamanii hojii keessa jiraniif ta'a.

Maatiin barattootaa karaa koree gamtaa maatii barattootaafi barsiistaa(KGMB) tiin akkaataa hojiirra oolmaa baajata Gargaarsa Manneen Barnootaa kan waggaa ni murteessu. Karoorri baajetichaas kan foyyaa'uu danda'u(flexible) waan ta'eef tokko tokkoon manneen barnootaa fi

wiirtuun barnootaa filannoo(ABE) baajeta isaanii haala karoora foyyaa'insa Manneen Barnootaa (KFMB) isaanii keessatti hojiilee tarreeffamaniifi qulqullina barnootaa fooyyessuu akkasumas bu'aa raawwi mana barnootichaa olguddusuudhaaf gumaacha olaanaa taasisaniif dursa kennuun fayyadamuu qabu.

Maatiin barattootaa haala hojiirra olmaa baajata gargaarsa manneen barnootaa irratti deeggersa yoo barbaadan ykn waa'ee baajetichaa irratti gaaffilee yoo qabaatan karaa bakka bu'oota isaanii (koree GMBB) waajjira barnootaa aanaa isaanii qunnamuun gaafachuufi qulqulleeffachuu qabu.

Baajatni gargaasa ganneen garnootaa deeggarsa dabalataadha malee deggersa maallaqaa manneen barnootaa, akkasumas, barnoota bu'uuraa filannootiif maatii barattootaafi uummataan dhaabbiidhaan maddisifamu kan bakka bu'u miti. Itti gaafatamttoonni barnootaa sadarkaa biyyoolessaa, naannoo, godinaalee fi aanaalee gaheefi itti gaafatamummaa isaanii akkaataa qajeelfama kana keessatti ibsameen bahachuu qabu. Ogeeyyiin sadarkaa federaalaa, naannoo, godinaaleefi aanaalee dhimma baajata gargaarsaa manneen barnootaa ittigaafatamummaa itti qaban irratti bu'aa raawwii isaa karaa gahumsa qabuun galmeessanii qabachuu qabu.

Jijjiirama toora xiyyeeffannoo Sagantaa "GEQIP-E" keessatti taasifame

1. Sagantaan baajeta gargarsa manneen barnootaa haaraan kun kan bu'ureeffatu caaseffamoota raawwiifi moodaalitiiwwan waggoottan darbanii irratti ta'ee; itti fufinsaanis fooyya'iinsa bu'aa barnootaafi qulqullina baruu-barsiisuu sadarkaa manneen barnootaa irratti kan xiyyeeffate dha. Haata'u male, Sagantaa 'GEQIP-E' keessatti toorrii xiyyeeffannoo haaraan kan kennameef dhimmoota walgitiinsa barnootaa fi gareewwan daran saaxilamoo ta'an kanneen akka barattoota fedhii barnoota addaa qaban(SEN), shamarranifi barattoota naannoolee/aanaalee/ horsiisee bulaa tiif nannoo barnootaa mijaawaa ta'e uumuudha. Dabalataanis, sagantaan baajeta gargaarasa manneen barnootaa inni haaraan kun fooyya'insa reeshoo galmee barattoota kutaa 2^{ffaa} gara galmee barattoota kutaa 1^{ffaa} fi reetii turmaata barattootaa hanga kutaa 5^{ffaa} irratti manneen barnootaa bu'aa gaarii galmeessisan dhibbeentaa kudhan (10%) ta'aniif badhaasa qarshii 30,000 ramadamus of keessatti hammata. Qooddiin Badhaasaa Raawwii hojii ol'aanaa irratti hundaa'uun kunis kan taasifamu manneen barnootaa wantoota hudhaalee barnootaa ta'an kan akka harcaatii barattootaa kutaa gadaanoo keessattuu, kutaa tokkoffaa xiqqeessuu irratti akka xiyyeeffatanii hojjetan honnachiisuufidha.

Sagantaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa haaraa kana keessatti akaakuu baajeta gargaarsa afur(4) ti jira. Isaanis:

1. Baajeta gargaarsa manneen barnootaa bu’uuraa(Basic School Grant);
2. Baajeta gargaarsa manneen barnootaa dabalataa naannolee/aanaalee/ horsiisee bulaatiif ramadamu(Additional school grant(5% top up));
3. Badhaasa bu'aa raawwii hojii ol'aanaa irratti hundaa’uun kennamu(PBA)
4. Baajeta gargaarsaa wiirtuu kenna deeggarsa barnoota hunda-hammatoo(IERCs) tiif kennamu dha.

Ittifayyadama baajeta gargaarsa manneen barnootaa kan Bu’uraafi dabalataa ilaalchisee qajeeltowwan armaan gadii hordofuun barbaachisaadha. Isaanisa

- **Manneen barnootaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa bu’uuraa keessaa yoo xiiqqate 50% hojiiwwan karoora fooyya’iinsa manneen barnootaa keessaa doomeenii baruu-barsiisuu(teaching and learnig domain) irra oolchuu qabu.**
- **Karoorri fooyya’iinsa manneen barnootaa ragaa irratti kan hundaa’e ta’uu qaba. Koreen gamtaa maatii barattootaafi barsiisotaa yeroo karoora kana qopheessan qabxii barattoonni barnoota hundaan galmessisan, to’annoo maqaa barattootaa, reetii irradeebii, reetii harcaatiifi carraa meeshaalee baruu-barsiisuutiif qaban; akkasumas hojiiwwan isaan kamtu bu’aa baruu-barsiisuu fooyyessuuf daran barbaachisaa akka ta’e murteessuuf odeeffannoo maatii, barattootafi inspekshinii barnootaa irraa guuraman fayyadamuu qabu.**

1. Ibsa Gabaabaa Sagantaan Gargaarsa Manneen Barnootaa

Sagantaan Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa maali?

- Sagantaan baajeta gargaarsa manneen barnootaa hojii carraaqqii /kaka'umsa Ministeera Barnootaatiin qulqullinaa fi fooyya'iinsa dbaabbilee barnootaa mootummaa, barnoota idileen duraa, manneen barnoota sadarkaa tokkoffaa, manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa,qiophaa'inaafi Wiirtuulee Barnoota Bu'uuraa Filannoo keessatti fooyyeessuuf qophaa'e dha. Dabalataaniis Wirtuulee Deeggarsa Barnoota Hunda-Hammatoo(IERC) deggeruuf ni oola.
- Sagantaan baajeta gargaarsa manneen barnootaa irra caalaatti kan ramadamu Sagantaa Fooyya'insa Qulqullina Barnoota waliigalaa walgitiinsa qabu/ "GEQIP-E"/ jalatti ta'ee Baankii Addunyaatiifi deggertoota misooma barnootaa (DPs)tiin deggersa kennamudha. Haata'u malee pirojektiin kun bu'aa irratti kan xiyyeeffatu (P for R) waan ta'eef mootummaan Itoophiyaas sagantaa kanaaf gumaacha ni taasisa.Gumaachi kuniis baajeta bilookgraantii (Block grant) aanaaleetiif ramaduu,baasii bo'ba'aa,hirmaannaa hawaasaa qindeessuu, barsiisoota ramaduu fi deggersa mallaqaa dabalataa taasisuudha.
- Baajetni Gargaarsa manneen marnootaa baay'ina barattootaa dhaabbilee barnootaa keessatti galmaa'anii jiran irratti hundaa'uudhaan deggersa maallaqaa manneen barnootaa fi Wiirtuulee Barnoota filannoo (ABE) mootummaatiif taasifamudha. Hira fooyya'iinsa hirmaannaa barattoota kutaa 1ffaa gara kutaa 2ffaa (Grade 2 enrolment/grade 1 enrolmemt) fi reetii turmaataa gara kutaa 5ffaatti (Survival rate to grade 5) irratti hundaa'uudhaan badhaasni bu'aa raawwii hojii ol'aanaa (PBA) manneen barnootaa dhibbentaa (10%)f ni kennama.
- Baajanni gargaarsa manneen barnootaaf kennamu karaa kamiinuu maallaqa Wiirtuulee Barnootaa Bu'uuraa Filannoofi manneen barnootaa mootummaatiif ramadamu kamuu kan bakka bu'u osoo hin ta'iin dhaabbileen barnootaa adeemsa baruu- barsiisuu isaanii akka fooyyeffataniif deeggarsa dabalataa taasifamuudha.

Dhimmoota Ijoo Sagantaa Gargaarsa Mnneen Barnootaa Maal fa'a ?

Hooggansa	Hooggansii fi deeggersi sagantaan baajeta gargaarasa manneen barnootaa kan taasifamu sadarkaalee shanitti: (1)Feederaala, (2) Naannoo,(3) Godina/Bulchiinsa Magaalaa, (4)Aanaa, (5) Manneen Barnootaatiifi hawaasa keessattidha.Bulchiinsa baajeta gargaarsa manneen barnootaa kana keessatti GMB gahee ol'aanaa qabu. Dabalataaniis, Wiirtuu Kenna Deeggarsa Barnoota Hunda Hammatoo keessatti GMB'n Garee Koorii (Core team) Wiirtuu Kenna Deeggarsa Barnoota Hunda Hammatoo baajata gargaarsa manneen barnootaa barattoota fedhii addaa hoogganuu irratti ni deeggaru.
Dhaabbilee Baajeticha argachuu danda'an	Ministeerri Barnootaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa kan ramadu, Buufata barnoota filannoo(ABE) fi dhabbilee barnoota mootummaa: kutaa "O" (O- class), sadarkaa 1ffaa,sadarkaa 2ffaa fi qophaa'inaa fi wiirtuu barnoota hunda hammatoo hundaa'anii hojii keessa jiraniifidha.
Gahoo Barataa tokkoo	Baajetni gargaarsaa manneen barnootaa sagantaa “GEQIP-E” irraa qoodamu, deggersa maallaqaa isa xiqqaa fi sadarkaa dhaabbilee barnootaatiin kan adda bahee taa'e dha. Aanaaleenis gargaarsa dabalataa manneen barnootaatiifi Barnoota Bu’uuraa Filannootiif akka taasisan ni jajjabeeffamu.
Haala Qooddii	Qooddiin baajeta gargaarsa manneen barnootaa kan taasifamu himaannaa barattootaa ragaa Sirna Odeeffannoo Bulchiinsa Barnootaa **(EMIS**) Ministeera Barnootaa irratti kan hundaa’uudhaan ta'a. Sababa galmeeniifi gabaasani xiinxalli ragaa barattootaa yeroo dheeraa fudhatuuf ragaan galmee waggaa lama duubatti deebi’uun kan fudhatamudha. Fakkeenyaaf, qooddii baajataa bara 2011 raawwachuuf ragaa galmee barattootaa bara 2009 ttu fudhatama.
Dabarsa Maallaqaa	Dabarsi maallaqani gargaarsa manneen barnootaa fi buufata barnoota filannoof waggaatti yeroo tokko taasifama. Haaluma kanaan, dabarsi maallaqaa kun kan taasifamu,maallaqani waggaa waggaan hanga sadaasa 22/November 30/ dura manneen barnootaa akka qaqqabuufidha.

	Badhaasni bu'aa raawwii hojii ol'aanaa (PBA) qoodamu, waggaa waggaan hanga Bitooteessa 23/ 31st march)dha. Maallaqni gargaarsaa manneen barnootaa sadarkaa Federaalaa irraa gara Naannooleetti kan ergamu yoo ta'u, Naannooleen ammoo maallaqa kana Waajjira Maallaqaa fi Walt'aiinsa Diinagdee Aanaaleetiif dabarsu.Waajjirri Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee Aanaas immoo Lakkoofsa Herrega Baankii Mana Barnootaatti galcha. Manneen barnootaa lakkoofsa Herregaa Baankii hin qabeef immoo kallatiin maallaqa kennaaf.
Hojiirra oolmaa baajatichaa	Manneen Barnootaa yookiin Wiirtuuleen Barnoota Bu'uuraa Filannoo hundinuu maallaqa gargaarsaa kana Karoora Fooyya'iinsa Manneen barnootaa irratti hundaa'uun qulqullina barnootaatiif xiyyeeffannoo addaa kennuun bu'aa raawwii manneen barnootaa fooyyessuuf hojii irra ni oolchu. Tokkoon tokkoo wiirtuu barnoota hunda hamatoo(IERC) maallaqa kana hojii irra kan oolchan haala karoora koree koor tiimii (core team)n wiirtuu sanii qopheessuun ta'a. Kanamalees, Manneen Barnootaa, Wiirtuulee barnoota bu'uuraa filannoo(ABE) fi wiirtuu barnoota hunda hammatoo(IERC) hundi yeroo baajeta gargaarsa manneen barnootaa itti argatan, hanga maallaqaa fi maal irra akka oochan kan ibsu bakka maatiin barattootaa fi hawaasni hundi arguu danda'utti gabatee beeksisaa dhaabuun irratti maxxansuu qabu.

Baajetni gargaarsa Manneen barnootaa maalirra ooluu danda'a?

Manneen barnootaa baajeta gargaarsa argatan keessaa yoo xiqqaate 50% sagantaa fooyya'iinsa manneen barnootaa keessaa doomeenii hojii baruu-barsiisuutiif oolchuu qabu.

Akaakuwwaan baajeta gargaarsaa afranuu (4) bittaa meeshaalee shanan (5) armaan gadiitti tarreeffamaniif oluu hin danda'u.

Gabatee 1: Akaakuuwwan meeshaalee maallaqni gargaasa manneen barnootaa irra hin oolle

Lakk.	Akaakuuwwan hojii
1	Daree/gamoo haarawa ijaaruu hin danda'amu. (Mana fincaanii haarawa yookiin sagantaa WASH mijeessuuf ooluuf garuu ni danda'a.)
2	Kaffaltii Mindaa,durgoo fi kafaltii namoota dhuunfaatiif hin danda'amu
3	Bittaa konkolaataatiif hin danda'amu
4	Bittaa boba'aa fi dibataatiif hin danda'amu
5	Bittaa Meeshaalee waraanaatiif hin danda'amu

Hubachiisa: Manneen barnootaa adeemsa sirna bittaa fi seera baasii maallaqaa mootummaa hordofuun raawwachuu qabu.

2. Moodaalitii Qooddii Maallaqa Gargaarsaa Manneen Barnootaa

Akkuma dokumeentii sagantaa qulqullina barnoota waliigalaa walgitiinsa qabu (GEQIP-E) keessatti ibsame, kaayyoon GEQIP -E sagantaa misooma sektera barnoota marsaa 5ffaa fi 6ffaa (ESDP-V fi ESDP VI) isa akka biyyaatti hammattoo misooma barnootaa ta'ee tajaajiluuf qophaa'e deggeruudha.

Kaayyoon hojirra oolmaa sagantaa misooma barnootaa bu'aa raawwii hojii irratti xiyyeeffate (P for R Operation) kun fooyya'iinsa gahumsa keessoo barnootaa ,carraa walgitiinsa qabu, qulqullinaa barnoota waliigalaa akkasumas, dandeettii karoorsuu cimsuu,imaammata barnootaa bocuu fi rifoormiiwwan adda adda irratti biyya keenyaa deggeruudha.

Sagantaan GEQIP-E akaakuuwwaan baajeta gargaarsa manneen barnootaa adda addaa afur(4) hojirra oolchuuf kan qophaa'e dha.Kaayyoon baajeta gargaarsa Bu'uuraa (Basic School Grant) manneen barnoota mootummaa hunda keessatti madda leecalloo raawwii hojiwwaan fooyya'iinsa manneen barnootaa fi mala mijaa'ina adeemsa baruu fi barsiisuu ittiin fooyya'udha. Baajetni gargaarsa Manneen barnootaa dabalataa (Additional school garnt or 5% top up) naannoolee guddataa jiranii fi aanaalee horsiisee bulaatiif gargaarsa manneen barnootaa bu'uuraa irratti dabataan kan ramadamudha. Baajeta gargaarsa manneen barnootaa Wiirtuulee Barnoota Fedhii addaa hunda hmmatoo (Supplementary School grant for IERC)tiif barattoota barnoota

fedhii addaa qaban deggeruudhaaf kan ramadamu dha. Akkasumas,badhaasni raawwii hojii bu’aa irratti xiyyeeffate, manneen barnootaa gahumsa keessoo barnoota isaanii yeroo karoorfame keessatti fooyyeeffataniif onnachiiftuu kennamuudha.

2.1 Baajeta Gargaarsa Bu’uuraa Manneen Barnootaa

Sagantaan GEQIP -E baajetni yeroodhaan manneen barnootaatiif darbee fi leecaalloo barbaachisoo manneen barnootaa keessatti guutamaniin kaoorri fooyya'iinsa manneen barnootaa ragaa irratti hundaa'ee fi bu'aa irratti xiyyeeffate akka hojiirra oolu deeggerudha. Waan kana taheef, Gargaarsi Bu’uuraa Manneen Barnootaa manneen barnootaa mootummaa hundaaf,Manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa fi Wiirtuulee Barnoota Bu’uuraa Filannootiif baay’ina lakkoofsa barattoota tokkoo tokkoo dhaabbilee barnootaa keessatti galmaanii fi hamma gahoo irratti hundaa’uun qoodama. Akkasumas Manneen Barnootaa Kutaa “O” qabaniifis baay’ina lakkoosaa fi gahoo isaani irratti hindaa’uu ramadama. Maalaqni Gargaarsa manneen barnootaa kun kandeeggaru malee,baajata mootummaan,maatii fi hawaasa naannoo irraa waggaa waggaan manneen barnootaa fi wiirtuulee Barnoota Bu’uuraa Filanootiif ramadu kan bakka bu’uu miti.

2.1.1 Qooddii Baajeta Gargaarsa Bu’uuraa Manneen Barnootaa

Baajetni gargaarsi manneen barnootaa kan ramadamu ragaa hirmaannaa barattootaa (EMIS) ministeera barnootaa irratti hundaa'a. Maallaqni kuniis baay’ina lakkoofsa barattootaa tokkoo tokkon dhaabbilee barnootaa keessatti argamanii fi Wiirtuulee Barnoota Bu’uuraa Filannoo, Kutaa “O” ,Manneen Barnootaa Sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa mootummaa keessatti argamanii irratti hundaa’uun qoodama.

Gabatee 2: Gahoo Barattootaa Baajeta Gargaarsa Bu’uuraa MB isa xiqqaa Marsaadhaan

Kutaa “O” umrii waggaa 6 qofaaf	Kutaa (1-4)	WBBF (ABE)	Kutaa (5-8)	Kutaa (9-10)	Kutaa (11-12)
Qar.60	Qar.50	Qar.50	Qar.55	Qar.60	Qar.70

Gabateen armaan gadii kan mul'isu fakkeenya manni barnootaa tokko baay'ina barataa irratti hundaa'uudhaan gahoo isa xiqqaa inni argachuu dnda'u kan ibsudha

Gabatee 3:Fakkeenya qooddii baajetni gargaarsa Manneen Barnootaa sadarkaa adda addaa fi tilmaama hirmaannaa barattootaa baroota darbaniitiin

TL.	Sadarkaa	Kutaa	Hirmaannaa Barattootaa maraatiinii fi Hanga baajeta gargaarsa bu'uuraa Mana barnootaa						Ida'ama gahoo Gargaarsa mana barnootaa
			Kutaa "O" umrii waggaa 6 qofaa	WBBF	1-4	5-8	9-10	11-12	
			Qar.60	Qar.50	Qar.50	Qar.55	Qar.60	Qar.70	
1	BID	Kutaa "O"	125						**7,500**
2	WBBF (ABE)	BBF		255					**12,750**
3	Sad.1ffaa	1-4			315				**15,750**
4	Sad.1ffaa	5-8				290			**15,950**
5	Sad.1faa	1-8			310	260			**29,800**
6	Sad.2ffaa	9-10					330		**19,800**
7	Sad.2ffaa	11-12						280	**19,600**
8	Sad.2ffaa	9-12					445	255	**44,550**

Manneen barnootaa baay'ina barataa 200 gad qaban akka isaan barataa dhibba lama (200) qabaniitti yaadamee kan qoodama.Kunis kan mirkaneessuu tokkoon tokkoo mana barnootaa fi Wiirtuun Barnoota Bu'uuraa Filannoo yoo xiqqaate Fooyya'iinsa mana barnootaatiif hamma baasii hojiiwwaan ittiin raawwatan ni argatu jedhamee tilmaamama.

Gargraasi kennamu kun manneen barnootaa xixiqqoo fi Wiirtuulee Barnoota Bu'uuraa Filannoo keessattuu, naannoolee baadiyyaa keessattii fi bakkeewwaa duubatti hafoo tahanii carraa dhaban keessatti argamuun barnoota ijoollee shamarranii fi barnoota hunda biraan akka gahuu taasisuu.

Baajetni gargaarsaa manneen barnootaa baay'inni barattootaa isa sirrii ta'een shallagamee hanga isa guddaatu fudhatama.Kun immoo akka gabatee armaan gadiitti shallagamee taa'eera.

T.L.	Mana barumsaa		Qarshii waliigalaan ramadame
1	Wiirtuu BBF (ABE)	Qarshii 50 barattoota 200f	10,000
2	Sadarkaa 1ffaa (marsaa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa})	Qarshii 50 barattoota 200f	10,000
3	Sadarkaa 2^{ffaa}	Qarshii 60 barattoota 200f	12,000

2.1.2. Ramaddii bajata gargaarsaa bu'uuraa manneen barnootaa /basic school grant/

Bajanni gargaarsaa mana barnootaa manneen barnootaa hundaafi wiirtuu Barnoota Filannoo (ABE) tiif jalqaba bara bajataa irratti waggaatti si'a tokko ni ramadama. Bajanni gargaarsaa mana barnootaa kan ramadamu manneen barnootaa hanga Sadaasa,22 tti akka gahuuf yaadameeti.

Haalli dabarsa baajata gargaarsa manneen barnootaa akkaataa armaan gadiitti:

- Ministeera maallaqaafi wal-taa'insa dinagdee ->Biiroo maallaqaafi wal-ta'iinsa dinagdee naannoolee->waajjira maallaqaafi wal-ta'iinsa dinagdee aanaalee->lakk. herreega baankii manneen barnootaa ta'a.
- Bakka tajaajila baankii hin qabnetti manneen barnootaa lakk. herreega baankii hin qabneef mallaqni kallattiin manneen barnootaaf kafalama.

2.2. Naannolee guddachaa jiraniifi aanaalee Horsiisee Bulaatiif Baajata Gargaarsaa Manneen Barnootaa Dabalataa Ramadamu (Additional school grant)

Naannolee guddachaa jiraniifi aanaalee horsiisee bulaa keessatti hirmaannaan barttootaa barnoota waliigalaa sadarkaa hunda irratti waggaa waggan ni dabala jedhamee yaadama.

Kanaafuu, baajatni dabalataa kun naannolee guddachaa jiraniifi aanaalee horsisee bulaa naannoo Oromiyaafi naannoo sabaa-sablammootaafi ummattoota kibbaa keessatti reetii hirmaannaa barattootaafi babbal'inni dhaabbilee barnootaa dabalaa jiru deeggaruuf yaadameeti.

Naannoolee guddachaa jiraniifi aanaalee horsiisee bulaa keessatti tajaajila barnoota qulqullina qabu kennuun baay'ee rakkisaa dha. Sababni isaas: sadarkaan madaallii Inispekshiinii manneen barnootaa sadarkaa tokko (level one)irra jiran baayyachuu, qulqullinni fi haalli adeemsi baruu-barsiisuun keessatti geggeefamu mijataa ta'uu dhabuu, reetiin harcaatii olka'aa ta'uufi reetiin turmaata barattootaa gadi bu'uu, akkasumas, haawaasni aanaalee horsiisee bulaa irra caalaan

gargaarsa dabalataa kan barbaadu ta'uu fa'i. Bajanni gargaarsaa manneen barnootaa dabalataa kun naannoolee guddachaa jiraniifi aanaalee horsiisee bulaa hudhaawwan/rakkoo isaan qunname hiikuuf isaan gargaara.

Akka muuxannoon GEQIP I fi GEQIP II irraa hubatametti bajanni gargaarsaa mana barnootaa yeroodhaan mannneen barnootaa gahuu dhabuun isaa manneen barnootaa aanaalee horsiisee bulaatiif rakkoo cimaa kan isaan qunnamaa ture ta'uu isaa ibsa. waan kana ta'eef , bajanni gargaarsaa kun boodatti harkifachuun isaa manneen barnootaa sagantaa fooyyaa'insa mana barnootaa isaanii yeroodhaan akka hojii irra hin oolchine dhorkeera. Kun immoo hojiin baruu-barsiisuu akka qulqullinni isaa gadi bu'uufi barattoota mana barnootaa keessa tursiisuu irratti dhiibbaa uumeera. Kanaafuu, aanaalee horsiisee bulaa keessatti baajata deeggarsa dabalataa manneen barnootaa yeroodhaan qaqqabsiisuun dhimma xiyyeeffannaa addaa barbaadu dha

2.2.1 Qooddiifi dabarsa Bajata Gargaarsa dabalataa manneen barnootaa (additional school grant)

Baajanni gargaarsaa dabalataa aanaalee horsiisee bulaa naannoo Oromiyaafi sabaafi sablammootaafi ummattota kibbaatti gahoo baajata gargaarsa bu'uuraa kan waggaa ramadameef irratti (5% top-up) ida'aamee kan darbuu dha.

Biiroon Barnootaa Oromiyaa erga maallaqa gargaarsaa dabalataa kana ministeera maallaqqaa fi wal-ta'iinsa dinagdee irraa fudhatee booda aanaaleefi manneen barnootaa adda baasuun qoqqoodee dabarsuuf itti gaafatamummaa qaba.

Naannoolee guddachaa jiraniifi aanaalee horsiisee bulaa keessatti baajati dabalataa kun kan ramadamu dhaabbileen barnootaa babbal'atan, manneen barnootaa haaraa saqamaniifi manneen barnootaa bultii adda deeggarsa dabalataa barbaadaniifii dha.Biiroon Maallaqaafi Walta'iinsaDiinagdee naannoo baajata gargaarsa dablataa kana gara waajjira maallaqaafi wal-ta'iinsa dinagdee aanaalee horsisee bulaa filatamaniitti kan dabarsu yoo ta'u aanaaleen kunneen immoo mallaqa dabalataa kana manneen barnootaa deeggaramaniif dabarsa.

2.3. Badhaasa bu'aa raawwii hojii ol'aanaa irratti hundaa'ee(PBA)

Qajeelfamni baajata gargaarsaa manneen barnootaa sagantaa GEQIP -E keessatti kan kaayyefatu gahumsa keessoo barnootaa fooyyeedhaaf dhimmoota lama irratti xiyyeeffata. Isaanis, kan jal-qabaa barnoota idileen duraatiin sagantaa saffiisaan daa'imman barnoota idileef qopheessuu (ASR) yoo ta'u kan lammattaa immoo onnachiiftuu badhaasa bu'aa raawwii hojii ol'aanaa hira hirmaannaa barataa kutaa 2:1 (G2/G1) fi reetii turmaataa kutaa 5 dabale irratti ta'a.

Sirni badhaasa onnachiiftu kun miira wal-dorgommii manneen barnootaa (Biyyoolessaafi naannoo) gidduutti uumuu, manneen barnootaa bu'aa caalmaa akka galmeessisaniif jajjabeessuu, akkasumas, manneen barnootaa raawwii gadi-aanaa qaban immoo akka foyyeeffataniif kakaasuu dha. Manneen barnootaa filataman kunneen barnoota sadarkaa 1ffaa marsaa duraa keessatti reetii hafteefi harcaatii xiqqeessuu, reetii turmaataa guddisuu keessatti muuxxannoo qabaniin manneen barnootaa birootiif fakkeenya gaarii akka ta'an gochuufii dha. Dabalataanis, onnachiiftuun kun hawaasni manneen barnootaa humna guutuun hirmaachuufi ragaa qulqulluu manneen barnootaa dhiheessuudhaan galmi manneen barnootaa akka dhugoomu tasisuudhaaf yaadameeti.

2.3.1. Shallaggiifi dabarsa badhaasa bu'aa raawwii hojii ol'aanaa irratti hundaa’u (PBA)

Akka onnachiiftuu dabalataatti naannoolee hunda keessatti manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa jiran hunda keessaa dhibbeentaa kudhan (% 10) mul'istoota raawwii lamaan madaalamanii bu'aa ol'aanaa galmeessisaniif waggaa waggan badhaasni maallaqqaa qarshiin 30,000(kuma soddoma) ni kennama. Mul'istootni raawwii kunneen: (1) Hira hirmaannaa barattootaa kutaa 2ffaa gara 1ffaa dabale, (2) reetii turmaata gara kutaa 5ffaa dabale (manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa marsaa duraa qabaniif reetiin turmaataa hanga kutaa 4ffaa qofatti) shallagamaaf. Manneen barnootaa walitti fufiinsaan badhaasa argachuu kan danda'an raawwii hojii ol'aanaa galmeessaniin manneen barnootaa dhibeentaa %10 sana keessatti waggoottan walitti aananiif hammatamanii yoo turan qofaa dha.

Fooyyaa’insi agarsiistuwwan lamaa armaan olitti ibsaman kan mirkanaa’uu ragaa bulchiinsa odeefannoo barnootaa (EMIS) irraa kan waggaa lamaa walitti aanee jirutiin ta’a.

Badhaasni kunis kan ramadamu akkaatuma ramaddii bajata gargaarsaa bu'uraa mana barnootaatiin ta'ee; manneen barnootaa kan qaqqabu garuu, waggaa wagaan ji'a Bitootessaa keessatti ta'a. Biiroleen barnootaa naannoleefi waajjirri barnootaa aanaalee dabarsaafi hojiirra olmaa mallaqa kana ni hordofu.

Shallaggiin badhaasa bu’aa raawwii hojii ol'aanaa akkaataa ulaagaalee lamaan armaan gadiitiin ta’a.

1. Fooyyaa’insa reeshoo hirmaannaa barattootaa kutaa 2ffaa hiruu hirmaannaa barattootaa kutaa 1ffaa. Kun kan agarsiisu darbiinsi barattoota kutaa 1ffaa gara kutaa 2tti waggaa tokko irraa waggaa birootti fooyyaa’aa haala itti dhufeedha.

   Foormuulaan isaas:

   $$\frac{Hirmaannaa\ kutaa\ 2\ ffaa\ bara\ 2009}{hirmaannaa\ kutaa\ 1\ bara\ 2008} - \frac{Hirmaannaa\ kutaa\ 2\ bara\ 2008}{Hirmaannaa\ kutaa\ 1\ bara\ 2007}$$

2. Manneen barnootaa hanga kutaa 5ffaa tti qabaniif foyyaa'insa reetii turmaataa gara kutaa 5ffaa tu fudhatama. Manneen barnootaa kutaa 1-4 qofa qabaniif foyyaa'insa reetiin turmaataa gara kutaa 4 ffaa tu qabamaaf. Reetiin turmaataa gara kutaa 5ffaa yookiin gara kutaa 4ffaa dandeettii tursiisuufi gahumsa keessoo siistama barnootaa agarsiisa. Ibsichi kan mul'isu sababa irradeebii, addaan kutuufi harcaatii barattootaatiin barattootni hangam daree irraa gara dareetti darbaa akka hin jirre kan agarsiisuu dha. Manneen barnootaa ragaa irra deebiifi barattoota addaan kutanii deebi'anii isa sirrii gabaasutu irraa eegama, manneen barnootaa ragaa irra deebiifi kanneen addaan kutanii deebi'anii xiqqeessaanii ykn zeroo gabaasan mul'istoota kanaan sadarkaa dhumaa irratti kan madaalaman ta'a.

   Shallagiinsa reetii turmaataa:

   Gulantaa 1. Shallaggiin reetii harcaatii kutaa 1ffaa (bara 2008) fi kutaa 2ffaa (bara 2009) gidduutti; kutaa 2ffaa(bara 2008) fi kutaa 3ffaa(bara 2009) gidduutti; kutaa3ffaa(bara 2008) fi kutaa 4ffaa (bara 2009) gidduutti; kutaa 4ffaa(bara2008) fi kutaa 5ffaa (bara 2009) gidduutti ta'a.

   Gulantaa 2. Sistema barnootaa keessatti, reetii yaa'iinsaa fayyadamuudhaan parsanteejiin barattootaa utuu hin harca'in kutaa 5ffaa gahanii ni shallagam.

   Dabarsi badhaasa bu'aa raawwii hojii olaanaa (PBSA) bara jalqabaatiif (2011 A.L.I) ragaa armaan gadii irratti hundaa'a.

   1. Fooyyaa’insa reeshoo hirmaannaa barattootaa kutaa 2ffa hiruu hirmaanna barattoota kutaa 1ffaa:
      - Hirmaannaa kutaa 2ffaa bara 2009

Hirma.kutaa2/ hirma.kutaa1 ,kan ɣeroo dhiyoo

- Hirmaannaa kutaa 1ffaa bara 2008

- Hirmaannaa kutaa 2ffaa bara 2008
- Hirmaannaa kutaa 1ffaa bara 2007

Hirma.kutaa2/ hirma. kutaa1, kan ka'umsaa

2. Fooyya'iinsa Reetii Turmaataa

Reetii turmaataa hanga kutaa 5ffaa ykn (Kut.4) kan bara dhiyoo

- Hirmaannaa kutaa 1ffaa-5 ffaa ykn (kutaa 4ffaa) kan bara 2009
- Bara 2009tti kutaa 1ffaa-5ffaa ykn (kutaa 4ffaa) addaan Kutanii kan itti deebi'aniifi kan irra deeffaabi'an
- Hirmaannaa kutaa 1ffaa-5ffaa ykn (kutaa 4ffaa) bara 2008

- Hirmaannaa kutaa 1-5 ykn (kutaa 4) kan bara 2008
- Bara 2008tti kutaa 1-5 ykn (kutaa 4) addaan Kutanii kan itti deebi'aniifi kutaa irra deebi'an
- Hirmaannaa kutaa 1-5 ykn (kutaa 4) bara 2007

Reetii turmaataa kutaa 5 ykn (Kut.4) kan bara dhiyoo

Ulaagaa Manneen Barnootaa Ittiin Sadarkeeffaman

Erga mul'istoonni lamaan shallagamanii booda, manneen barnootaa raawwii tokkoo tokkoo mul'istoota lamaaniitiin ni sadarkeeffamu. Sadarkeessuun xumuraas ida'ama waliihalaa bu'aa raawwii mul'istoota lamaanii tokko tokkoo manneen barnootaa irratti hundaa'a.

Sadarkeessuu Manneen Barnootaa Keessatti qabxiiwwan ijoo:

Sadarkaa mana barnootaatti adeemsa ragaa barattootaa kutaa irra deebi'anii fi addaan kutanii itti deebi'anii guuruu fooyyessuuf, manneen barnootaa waa'ee ragaa irra deebiifi barattoota addaan kutanii itti deebi'uu ilaalchisee kan yeroo dhiyoofi bara ka'umsaatti "0" gabaasan mul'istoota reetii turmaataatiin sadarkaa dhumaarratti sadarkeeffamu. Kanaafuu, manneen barnootaa ragaa irra dee'iifi barattoota addaan kutanii itti deebi'anii sirriitti gabaasuun baadhasa bu'aarratti Xiyyeeffate argachuuf faayidaa guddaa qaba.

*Manni barnootaa irra deebii 0 gabaasuun garuu kan addaan kutee itti deebi’anirratti yoo gabaasan (ykn fuggisoo kanaa) sadarkaa dhumaarratti hin sadarkeeffaman.

Ulfaatinni armaan gadii tokkoo tokkoo mul’istuuf kan kennamedha

	Kutaa2/Kutaa1	Reetii Turmaataa
Bara 2011 (Bara jalqabaa)	80%	20%
Bara 2012 (Bara lammaffaa)	70%	30%
Bara 2013 (Bara sadaffaa)	60%	40%
Bara 2014 (Bara afraffaa)	50%	50%

Baraafi Ragaalee qulqulluu manneen barnootaa Shallaggii barbaachisan

Bara GEQIP_E	ragaalee shallaggii reetii turmaataaf fayyadan		
Bara jalqabaa (2011)	Hirmaannaa bara 2009 Bara 2009 tti kan irra deebi'aniifi addaan kutanii itti deebi’an	Hirmaannaa bara 2008 Bara 2008tti Irra deebi'aniifi addaan kutanii itti debi’an	Hirmaannaa bara 2007
Bara 2ffaa (2012)	Hirmaannaa bara 2010 Bara 2010 tti kan irra deebi'aniifi addaan kutanii itti debi’an	Hirmaannaa bara 2009 bara 2009tti irra deebi'aniifi addaan kutanii itti debi’an	Hirmaannaa bara 2008
Bara 3ffaa (2013)	Hirmaannaa bara 2011 Bara 2011tti kan irra deebi'aniifi addaan kutanii itti debi’an	Hirmaannaa bara 2010 Bara 2010 tti kan irra deebi'aniifi addaan kutanii itti debi’an	Hirmaannaa bara 2009
Bara 4ffaa (2014)	Hirmaannaa bara 2012 Bara 2012tti irra deebi'aniifi addaan kutanii	Hirmaannaa bara 2011 Bara 2011tti irra	Hirmaannaa bara 2010

	itti debi’an	deebi'aniifi addaan kutanii itti debi’an	

2.4. Baajata Gargaarsaa Wiirtuu Barnoota Hunda Hammattoo(IERC) tiif ramadamu

Wiirtuun barnoota hunda hammatoo(IERC) giddu gala handhuura gabbisa barnootaa meeshaalee deeggarsa adda addaan guutaman, akkasumas ogeeyyii fedhii addaa ramadamaniifii barattoota fedhii barachuu addaa qaban, barsiisotaa biroofi manneen barnootaa ollaa akka deeggaraniif kan hundeeffamee dha. (MoE, 2012b: 11).

Baajatni deeggarsa wiirtuu barnootaa hunda hammatoo mala haaraa barattoota fedhii barachuu addaa qaban bifa addaatiin deeggarsa gahaa taasisuufi haala kenninsa barnootaa mijataa daa'immaniif uumuudhaaf kan qophaa'ee dha.

Bara 2008-2010 ALI tti baajanni gargaarsaa manneen barnootaa barattoota fedhii addaa qabaniif baajata gargaarsaa idileerratti akka dabalataatti kennamaa kan ture yommuu ta’u innumtuu naannooleef akki itti kennamaa ture duraa duubaan 1%, 2% fi 4% ture. Adeemsi ramaddii baajata gargaarsaa hojiirra oolaa ture kunis naannoo gara naannootti, akkasumas baraa baratti garaagarumma kan qabu ture. Naannooleen tokko tokko gargaarsa dhufe kallattumaan manneen barnootaaf kan ramadan/ dabarsan yommuu ta’u kaan immoo sadarkaa naannootti meeshaalee deeggarsaa barbaachisan bituuf kan murteesan turaniiru.

Akka qaama sagantaa GEQIP-E tti wiirtulee barnoota hunda hammatoo 100 hundaa'anii akka biyyaatti hojii keessa jiran irratti dabalataan wiirtulee haaraa 700 ta'an ni hundeeffamu. Baajanni gargaarsa wiirtulee kanneenis erga hundeeffamanii akka hojii raawwachiiftutti isaan deeggara.

Wiirtuun barnoota hunda hammatoo daa'imman fedhii barachuu addaa qabaniif danddeettii barachuu isaanii karaa guutuu ta'een akka fayyadamaniifi lammii of danda'aa akka ta'an, akkasumas, hawaasa isaanii keessatti bakka olaanaa akka qabaatan carraa barachuu isaaniif kenna. Dabalataanis, wiirtuun barnoota hunda hammatoo daa'imman midhaama qaama qaban carraa barnootaa akka argatan,mana barnootaa keessa akka turaniifi bu'aa olaanaa akka galmeessan ni deeggara.

2.4.1. Ramaddii Baajata deeggarsa Wiirtuu barnoota hunda hammatoo (IERC)

Sagantaa kana keessatti wiirtuu barnoota hunda hammatoo Biiroo Barnootaa Naannootti galmaa'anii beekamaniifi hojii qabatamaa keessa jiraniif waggaa waggaan qarshiin 10,000.00 ni ramadama. Biiroon Barnootaa Naannoos wiirtuu barnoota hunda hammatoo hojii qabatamaa keessa jiran adda baasuufi ragaa jirus yeroo yeroon Ministeera Barnootaaf erguuf dirqama qaba.

2.4.2. Dabarsa baajata deeggarsa wiirtuu deeggarsa barnoota hunda hammatoo

Baajanni deeggarsa wiirtuu barnoota hunda hammatootiif kan ergamu baajata gargaarsa bu'uuraa manneen barnootaa wajjiin walcina kan ergamu ta'a. Haaluma kanaan, baajanni deeggarsaa kun karaa Ministeera Barnootaafi Ministeera Maallaqaafi Walta'iinsa Diinagdeetiin Biiroo Maallaqaafi Walta'iinsa Diinagdeef ergama. Itti aansuunis, gara Waajjira Maallaqaafi Walta'iinsa Diinagdee Aanaatti dhangala'a; dhumarrattis wiirtuu deeggarsa barnoota hunda hammatoo filatamanii hojii keessa jiraniif kennama.

3. Qajeelfama Itti Fayyadama Bajata Gargaarsa Manneen Barnootaa

Sagantaan bajata gargaarsa manneen barnootaa (school Grant) kan hogganamuu fi deeggaramu sadarkaa shan irratti yoo ta'u, sadarkaaleen kunniinis: 1) Federaala 2) Naannoo 3) Godina/Bul.Magaalotaa, 4) Aanaalee fi 5) M/barnootaafi hawaasaa, akkasumas, Gamtaa maatii, barattoota fi barsiisotaa fi wirtuleen Barnoota Filannoo Addaa hoggansa bajata (school grant) keessatti gahee olaanaa taphatu. Gaheen hojii hoggansa sadarkaalee tokkoo tokkoo kutaa 4 keessatti ibsamee jira. Kun kanbarbaachiseef bajatni school graantii jalqaba bara barnootaa irratti manneen barnootaa hunda gahuu isaa mirkaneessuufi. Bajatni school grantii kun bajata waggaa mana barumsichaa fi wirtulee barnoota filannoo addaa motummaan koroorfamee, maatii fi hawaasa irraa argamu kan bakka bu'u miti. Kanaaf, mannen barnootaa hojiiwwan dursa raawwatamuun irra jiru raawwachuu akka danda'an aanaaleen baajata barbaachisaa ramaduutu irraa eegama.

3.1 Baajata Gargaarsa Manneen Barnootaa Bu'uuraa (Basic School Grant)

Baajatni gargaarsa manneen barnootaa bu'uuraa sadarkaa mana barnootaatti adeemsa baruu fi barsiisuu fi raawwii hojii manneen barnootaa, wirtuulee barnoota filannoo, kutaa "O", mana barnootaa mootummaa sad.1^{ffaa} fi sad. 2^{ffaa} keessatti fooyyessuuf kan ooluudha. Kunis, karaa maatii fi miseensota hawaasa si'aayinaan hojii manaa barnootaa keessatti gahee murtee kennuu, bajata gargaarsa mana barnootaa hojiirra oolchuu fi raawwii isaa too'achuuf gahee olaanaa qabaniin kan raawwatu ta'a. Gamtaan maatii, barattootaa fi barsiisotaa hojiirra oolmaa bajata

gargaarsa manneen barnootaa yookiin dhimmoota bajata gargaarsa manneen barnootaa waliin walqabatan irratti waajira barnoota aanaa waliin mari'achaa akka raawwatu gochuun maatiif baay'ee barbaachisaadha.

Qajeeltoowwan Bu'uuraa

- ✓ Xiyyeeffannoon guddaan kan kennamuu qabu naannoo baruu- baarsiisuutiifi manneen barnootaas bajata gargaarsa manneen barnootaa kana yoo xiqqaate dhibbeentaa 50 domeeyinii baruu-barsiisuutiif oolchuu qaban.

Hojiiwwan Ijoo: Hojiiwwan ijoon bajatni gargaarsaa manneen barnootaa irra ooluu qabu armaan gaditti ibsamee jira.

Gabatee 5.Hojiiwwan ijoon bajatni sgargaarsa manneen barnootaa irra ooluu qabu

T.L.	Gochaalee/hojiiwwan Ijoo
1	Hojii beekumsaafi ogummaa barsiisotaa fooyyessuu raawwachuu (kan akka muxxannoo wal-jijjiiraa manneen barnootaa gidduutti) (bajatni SG refreeshimentii qofaaf ooluu qaba)
2	Fayyadama meeshaalee sirna barnootaa fooyyessuuf (siilabasii, qajeelcha barsiisotaa, kitaaba barataa, kitaabilee wabii fi meeshaalee deeggarsa barnootaa)
3	Naannoo Dagaagina ogummaa walitti fufaa barsiisotaa fooyyessuuf (Bajatni SG kan ooluu qabu refreeshimentii qofaaf)
4	Hirmaannaa barattootni gumiiwwan (keessattuu gumii shamarranii) keessatti qaban akka cimu hubannoo uumuuf
5	Barattoota shamarraniifi barnoota fedhii addaa karaa gumii shamarraniitiin fayyadamuun leenjii ogummaa jireenyaa (life skill training) fi tajaajila gorsaa keennuun cimsuu fi akka ofdanda'an taasisuuf
6	Barattootni barnoota qabatamaa ta'e barachuu akka danda'an taasisuuf
7	Mala barsiisuu korniyaa giddu galeessa godhatee fi hunda hammatoo ta'e fayyadamuun hirmaannaa barattootni daree keessatti qaban fooyyessuuf. (kaaraa gumii shamarraniitiin)
8	Barsiisotni mala madaallii sirrii ta'ee, umrii barattootaa fi barattoota fedhii addaa qaban giddu gaqleessa godhate akka fayyadamaniif
9	Bu'aa barattootaa, qabxii fi amala isaanii maatii barattootaaf gabaasuuf
10	Handhuura gabbisa barnootaa, faasiliitiiwwan mana yaalii fi meeshaalee dubbisaa dabalataa, kiitii saayinsii filachuu fi itti fayyadamuuf
11	Barattoota shamarranii fi barattoota fedhii addaa qabaniif sagantaa tiitooriyaalii fi wayitii qisaasa'e bakka buusuuf (refireshimentii fi meeshaalee barreeffamaa qofaaf) ni oola
12	Barattoota shamarraniitiif meeshaalee qulqullinaa fi dhiqannaa dhiyeessuuf (sanitary

	pads & wash facilities)
13	Dhibbaa korniyaa bu’uura godhatee fi barmaatilee midhaa geessisan (heeruma umrii malee, kittaannaa dubartootaa, fi kkf) ittisuu irratti leenjii kennuu (bajatni SG refereeshimentii fi meeshaalee barreeffamaa qofaaf oola)
14	Mana fincaanii haaraa yookiin faasiliitiiwwan WASHtiif

Gabatee 6: Tarreeffama gochaalee kutaa “O” bajata gargaarsa manneen barnootaatiin raawwataman

1	Meeshaalee baruu-barsiisuu, meeshaalee taphoota daree keessaa(indoor materials) fi meeshaalee taphoota dareen alaa (outdoor matrials), (waraqaa garagaraa, filaash-kardiiwwan halluu adda addaa qaban, waraqaa furdaa, gabatee boronqii xixiqqoo, qubeessa halluu adda addaa, kubbaalee xixxiqoo, afata lafaa daree itti barataniif fi kkf)
2	Leenjii fi karoora kutaa “O” tiif (refereshimentii qofaaf)

3.2. Hojii olmaa baajatagGargaarsa manneen barnootaa dabalataa Aanaalee Horsiisee Bulaatiif ramadamu (additional school grant)

Qajeeltoowwan Bu’uuraa: qajeeltoowwan bu’uuraa ramaddii fi itti fayyadama bajata gargaarsa manneen barnootaa dabalataa kanneen armaan gadiiti.

- ✓ Bajatni gargaarsa manneen barnootaa dabalataa (5 percent top up) naannolee guddachaa jiraniifi aanaalee horsiisee bulaa keessatti manneen barnootaa xiyyeeffanno addaa barbaadaniif rakkoowwan barnoota irratti qunnaman furuuf dabalataan kan ramadamuudha.
- ✓ Bajatni gargaarsa manneen barnootaa dabalataa kun manneen barnootaa kanaaf akka bajata of eeggannootti kan tajaajiluu fi hirmaannaa barattootaa dabaluuf akkasumas qulqullinni barnootaa akka fooyya’u naannoo baruu fi barsiisuu mijeessuuf oola.

Haalli itti fayyadama bajata gargaarsa manneen barnootaa dabalataa kan bajata (school grant) bu’uuraa (haala gubbaatti 3.1) keessatti ibsameen wal fakkata. Haa ta’uuti, gochaaleen armaan gadii kallattiidhaan adeemsa baruu-barsiisuutiif bu’aa kan buusan yoo ta’e ni raawwatamu.

Gochaalee Ijoo Baajatni gargaarsa manneen barnootaa dabalataa Ooluufii qabu

Naannoolee guddachaa jiraniifi aanaalee horsiisee bulaa fi gar-tokkeen horsiisee bulaa ta'an keessatti harki guddaan daa’immanii barnoota kan itti fufan manneen barnootaa alatti fi baay’een

isaaniis baratanii xumuruu dadhabuun gidduutti kan addaan kutan keessattuu waqtii gogiinsaa (Gurraandhalaa – Eblaa)ti. Kanaafuu, naannoolee kana bakka jiranitti barnoota dhiyeesuufiin deeggaruuf gochaaleen armaan gadii barbaachisoodha.

1) Haala mijeessitootaa fi barsiisota ogummaa gonfatan hawaasa naannoo horsiisee bulaa keessaa qopheessuun hanqina barsiisotaa furuu
2) Meeshaalee baruu fi barsiisuu dabalataa manneen barnootaa dhaabbata PCDP'n haaraa banamaniifi manneen barnootaa bultii (boarding schools) hanqina meeshaalee barnootaa qabaniif dhiyeessuu. Keessattuu, afaan dhalootaa irratti meeshaalee dabalataa (kitii meeshaalee, meeshaalee barnootaa dabalataa fi meeshaalee deeggarsa barnootaa) dhiyeessuu.

3.3. Badhaasa Bu'aa Raawwii Hojii rratti Hundaa'e

Itti fayyadamni baasdhaasni bu'aa raawwii hojii baajeta gargaarsa manneen barnootaa akkuma gabatee 3.1 armaan olii keessatti kaa'amee jiru, hojjiwwaan gabatee 7 keessatti casqasamaniis akka raawwatamu ni jajjabeeffamu.

Hojiirra olmaa baajeta gargaarsaa manneene barnootaa kun kan hoggaanamus Gamtaan Maatii, Barattootaa fi Barsiisotaa ni ta'a. Maallaqichiis hojiwwaan karoora fooyya'iinsa manneen barnootaa keessatti dursi kennameef kan hojirra oolu ta'a.

Kana malees haftee fi harcaatii barattootaa xiqqeesuu, keessattuu barattoota sadarkaa 1ffaa marsaa duraa (1-4), barattoota dubaraatiif leenjii mala jireenyaa, tajaajila gosaa, fi sagantaa barnoota dabalataa (meeshaale barreeffamaa fi deggersa barnootaatiif) kennuun gahoomsuu,meeshaalee qulqullina barattoota shamarranii dhiyeessuu,akkasumas tutuqqaawwan saalaa naannoo manneen barnootaatti mul'atu hambisuuf kan ittiin hojjetamudha.

Gabatee 7: Hojiwwaan Gurguddoo Baajetnni Badhaasaa Ittin Hojjetamuu Qabu

Lakk	Meeshaalee fi Galteewwaan Hojiiwwaan Armaan gadi Raawwachuuf Gargaaran
1	Barnoota kutaa 'O"akka dabalu,hirmaannaa barattoota umurii 7 ol guddisuu fi yeroon mana barumsaa akka dhufan gochuu, haftee fi harcaatii hir'isuu,barnoota sadarkaa 1ffaa keesstti reetii darbiinsaa waliiti fufiinsa qabu ol guddisuu irratti sosochii hawaasa geggeessuun hubannoo uumuu

2	Manneen barnootaa keessatti hirmaannaafi qabxiin barattootaa akkasumas, hirmaannaan barattoota shamarranii irratti rakkoowwan mul'atan furuuf, dabalataanis, barnoota sadarkaa 1ffaa marsaa duraa (1-4)fi sadarkaa 1ffaa marsaa 2ffaa(5-8)tti akka ce'aniif dureen manneen barnootaa, supparvaayizaroonni, barsiisonni, miseensonni GMBB, hawaasni manneen barnootaa fi wajjirri barnootaa aanaalee sirna deeggarsaafi hordoffii itti fufiinsa qabu ni diriirsu.
3	Sirna to'annoo guyyaa guyyaafi raawwii barattootaa kan mul'isu Kaardii odeeffannoo manneen barnootaa ragaa qulqulluu of keessatti hammate qopheessuu
4	Barattoota yeroo hedduu rakkoon isaan mudatu irraa kan ka'e mana barnootaa irraa yeroo dheeraaf hafan (fakkeenyaaf: sassaabbi omisha qonnaa, dhiibbaa rakkoo maatii,sababa dhiibbaa alaafi kkf) barnoota sadarkaa bu'uuraa irratti danddeettii barreessuu, dubbissuufi shallaguu utuu hin gonfatiin hafaniif barnoota dabalataafi sagantaa saffisaan daa'imman barnoota idileef qopheessu kennuuf (bunaafi shaayiif qofa).
5	Barattoota dubaraatiif leenjii mala jireenyaa, tajaajila gosaa, fi sagantaa barnoota dabalataa (meeshaale barreeffamaa fi deeggersa barnootaatiif) kennuun gahoomsuu, meeshaalee qulqullina barattoota shamarranii dhiyeessuu,akkasumas tutuqqaawwan saalaa naannoo manneen barnootaatti mul'atu hambisuudhaan haala adeemsa baruufi barsiisuu mijataa uumuu

3.4. Baajata gargaarsaa wiirtuu deeggarsa barnootaa hunda hammatoo (IERC)

Fayyadamummaa barattoota barnoota fedhii addaa qaban (kanneen qaama miidhamtoota ta'an) sadarkaa olaanaadhaan dhugumsuudhaaf haala baasii maallaqa gargaarsa wiirtuu deeggarsaa barnoota hunda hammatoo irratti gabateen armaan gadii akka kallattiitti tajaajila. Baajatni gargaarsaa wiirtuu deeggarsaa barnoota hunda hammatoo baajata gargaarsaa manneen barnootaa kan bu'uuraa waliin kan darbu ta'uus deeggarsa barachuu barattootaa qaama miidhamtoota (fedhii adda qaban) qofaaf ooluu qaba.

Gabatee 8. Hojiiwwan gurguddoo baajatni gargaarsaa wiirtuu deeggarsa barnootaa hunda hammatoo irra ooluu qabu

Lak.	Meeshaalee fi galteewwaan hojiiwwan armaan gadi raawwachuuf gargaaran
1	Leenjiiwwan adda addaa qinddeessuun hubannoo uumuu
2	Bittaa meeshaalee deeggarsa barachuu barnootaa daa'imman fedhii addaa (qaama miidhamtoota ta'aniif) oolan rawwachuu. (kitaaba Braille, waraqaa bireelii, slate, styles, Chaartii,Giraafii,mappii, whitecane, kitaaba aflattoo,wheelchairfi kkf)
3	Naannoo barnootaa daa'imman fedhii addaa qabaniif (qaama miidhamtoota ta'aniif) mijataa taasisuu. (Fkf. Suphaawwan sassalphaa kan akka raampii, bishaan dhugaatii mijataa ta'e, bakka harka dhiqannaafi mana fincaanii mijataa ta'e).

Haal dureewwan gabatee-1 armaan olitti ibsame irratti dabalataan baajatni gargaarsa wiirtuu barnootaa hunda hammatoo barattoota fedhii addaa qaban (qaama miidhaamtoota) work-shoppii fi bashannana, dhiyeessii kitaabilee barattootaa biiroo barnootaatiin taasifamu, haaromsa daree barnootaafi dhimmoota barnoota barattoota fedhii addaa qabaniin walitti hidhamiinsa hin qabne irra oolchuun dhorkaa dha.

Baajatni gargaarsaa wiirtuu barnootaa hunda hammatoo qixa sirriin akka hogganamu taasisuuf koor-tiimiin (core team)fi koreen GMBB qarshii 10,000.00 ramadamu irratti karoorsuufi hojiirra olmaa isaa hordofuuf itti gaafatamummaa qabu.

Itti gaafatamummaan koor-tiimii (core team responsibilities) :

- Hojiirra olmaafi itti fayyadama baajata gargaarsaa wiirtuu barnootaa hunda hammatoo karoorfame irratti mar'achuufi waliigaluu
- Akkaatuma cheekliistii qajeelfama kana keessa taa'een wiirtuu barnootaa hunda hammatoo hordofuu fi madaaluu(MoE,2015)
- Dhimmamtoota barnootaa (biiroo barnootaa, magaalota, aanaaleefi ogeessa barnoota hunda hammatoo (focul person) qindoominaan walitti dhufuun dhimma barattoota qaama miidhamtoota (fedhii addaa) adda bahan irratti marii geggeessuu.

Gabatee.9. Yaada dabalataa haala baasiiwwan baajata gargaarsaa wiirtuu barnoota fedhii addaa (qaama miidhamtootaa) irratti kennaman

Lak.	Meeshaalee fi galteewwaan hojiiwwan armaan gadi raawwachuuf gargaaran

1	Hoggantootaafi barsiisota wiirtuu deeggarsaa barnoota hunda hammatoo (IERC)fi miseensota koori tiimiitiif hubannoo uumuu (shaayiifi buna qofaaf oola)
2	Wiirtuu deggarsa barnootaa hunda hammatoo keessatti barsiisota hojjetaa jiraniif mala barnoota hunda hammatoo (IE Pedagogy)irratti leenjii kennuun beekumsa, danddeettiifi duudhaa isaan wiirticha keessatti qabaachuu qaban gonfachiisuu
3	Bittaa meeshaalee deeggarsa barnootaa (Braille or styles,Braille paper, Braille ruler,word building kit,talking calculators, Braille type writer, computer with 'JAWS',tactail map,recorder,hearing aids, sign language dictionary,speed traing kits,Montessori kitis,TV,DVD,reference materials on adaptive behavioural skills)
4	Bittaa meeshalee madaallii(assessmant)fi meeshaalee barattoota adda baasuuf oolan (screening) (awudometer, otoscopy, snellen chart,embosser) fi meeshaalee deeggarsa kennan kan akka cane, while chair and crutch.
5	Haalawwaniifi caaseffama dagaagina ogummaa walitti fufaa barsiisotaa foyyeessuufi gahoomsu danddeessisan uumuu (peedaagoojii barnoota hunda hammatoofi kornayaa giddugaleeffate dabalata)
7	To'annaa barattootaa cimsuu, hirmaannaa daree keessaa fi bu'aa isaan gumiwwaan adda addaa keessatti qabanii fi sagantaawwan barnoota wal maddeessaa keessatti barattoota miidhama qaamaa qabanii fi hin qabne beekumsa isaanii akka fooyyeffatan hubannoo isaanii dabaluu
8	Tajaajila gorsaa jireenya guyyaa guyyaa, akkasumas danddeettii mala waliin jireenyaa irratti barattoota barnoota fedhii addaa qaban gahoomsuu
9	Barattootni jireenya isanii keessatti muuxxannoo qabaan qabiyyee barataniin wal qabsiisanii calaqqee akka kennan hirmaachisuu.
10	Pedagogy fi mala barsiisuu barnoota hunda hammattoo (IE) hojiirra oolchuudhaan hirmaannaa barattootaa daree keessatti fooyyessuu.
11	Barsiisonni mala madaallii sadarkaa umuriifi akaakuu miidhama qaamaa daa'immaniifi fedhii barachuu addaa barattoota (SEN's)isaanii giddugaleeffate akka fayyadaman gochuuf
12	Manneen barnootaa barattoota miidhama qaamaa qabaniif mijataafi hawata taasisuu(raampii ijaaruu, dhiheessii bishaan dhugaatii mijata guutuu,bakka harka dhiqannaa mijataa ta'eefi mana fincaanii raampii qabu qopheessuu)
13	Xiyyeeffannoo addaa shamarraniif kennuudhaan barnoota dabalataa(tutorial and

	makeup classes) barattoota barnoota fedhii addaa qabaniif kennuu.
14	Shamarran miidhama qaamaa qabaniif meeshaalee qulqullinaa dhiheessuufi faasilitiiwwan ‘WaSH’ guutuu.

3.4.3. Sakkata’iinsa Faayinaansii Manneen Barnootaa

- Buufata Barnoota Filannoofi manneen barnootaa mootummaa jiran keessaa waggaa waggaan iddattoo %3 fudhachuudhaan sanadoota (cash book and reciept) baajata gargaarsa manneen barnoota kanneenii irratti sakkata’iinsi faayinaansii ykn odiitii ni taasifama. Adeemsi odiitii kunis, haala guca sakkata’iinsa faayinaansii manneen barnootaa maxxantuu-1(annex-1) irra taa’ee jiruun raawwatama. Ogeeyyiin sakkata’iinsa (audit) baajata gargaarsa manneen barnootaa kana geggeessan buufata barnoota Filannoo (ABE), manneen barnootaafi wiirtuu deeggarsa barnoota hunda hammatoo filataman keessatti haala raawwii baajata gargaarsaa gadi faggeenyaan ni ilaalu.
- Hojiirra olmaa sagantaa baajata gargaarsa manneen barnootaa ilaalchisee komiin hin jiru yoo ta’e; tarkaanffiiwwan armaan gadii fudhatamuu qabu:
  - Gabaasni galmeen barattootaa mana barnootaa baay’ina barattootaa qabatamaan galmaa’anii jiranii ol yoo ta’e; waajjirri maallaqaafi walta’iinsa diinagdee aanaa dura bu’aa mana barnootaa wajjiin walqunnamuun akka sirraa’u ni taasisu.
- Baajata gargaarsa mana barnootaa seeraan ala itti fayyadamuu:-rakkoon akkasii yemmuu mudatu yaada ka’umsaa koree GMBB, koriitiimii (core team) wiirtuu barnoota hunda hammatoofi waajjira aanaalee fi sadarkaa naannootiin hordofamuun sirreeffamni seeraa akkaataa barbaachisummaa isaatti ni fudhatama.

- Manneen Barnootaa buufataaleen barnoota filannoo(ABEs) naga’ee fi dookimentiin(receipts, invoices ,quotations &cash book) baajeta gargaarsa manneeen barnootaa seeraan qindeessanii qabachuu dhabuu. Sababa kanaatiin yeroo ogeeyyiin aanaalee, odiiteroonni fi inispekterootni hanga baajeta gargaarsa mannen barnootaa hojjira oole fi sanada galmaa’ee argachuuf isaan rakkisu, tarkaanfiin sirreeffammaa akka fudhatamuuf Biiroo Barnoota Naannootti ni beeksifama.

3.4.4 . Sirna itti gaafatamummaa hawaasaa.

Bulchiinsa hojiira oolmaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa bira darbee gaheen hawaasaa hanga hojiirra oolmaa baajetichaa hordofuu fi madaaluutti ta'uu qaba. Sagantaa GEQIP_E keessatti sirni itti gaafatamummaa hawaasaa kanneen armaan gadii ofkeessatti hammata:

- Tokkoon tokkoo Manneen Barnootaa gabatee beeksisaa gargaarsa manneen barnootaa bakka hawaasni arguu danda'utti dhaabuun irratti maxxansuuti irraa eegama. Gabateen beeksisa gargaarsa amanneen barnootaa irratti guyyaa baajetni gargaarsaa isaan qaqqabe, haala itti fayyadama baajeta bara darbee, gahoo bara baajetaa fi waan irra oolchuuf karoorffame akka mul'achuu danda'utti qubee gurguddaan barreeffamee maxxanfamuu qaba. Kanamalees, maallaqaa kan madda galii biroo irraa argamee fi baasii manni barnootaa baase addatti tarreeffamuu qaba.
- Dookimentoonni faayinaansii(Cash book,receipts, invoices and quotations) baajeta gargaarsa manneen barnootaa fi buufata barnoota filannoo(ABE) qindaa'e bakka KGMB, hawaasnii mana barnootaa bal'aan, odiiteroonniifi inispekteroonnii manneen barnootaa argachuu fi madaaluu danada'anitti banaa ta'ee taa'uu qaba

4. **Sirna itti gaafatamummaa sagantaa baajata gargaarasa Manneen barnootaa.**

4.1.Itti Gaafatamummaa Sadarkaa Federaalaa.

Sadarkaa federaalaatti daayirektooreetiwwan karooraafi maddisiisa leecalloo(PRMD), Fooyya'insa Manneen barnootaa(SIP), deggersa addaa barnoota hunda hammatoo(SSIED), sirna bulchiinsa odoofannoo ragaalee barnootaa(EMISD) akkasumas daayirektooreetiin TQO(ICTD) ministeera barnootaa hojiirra oolmaa sagantaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa hordofuudhaaf itti gaafatamummaa qabu, Ministeeri barnootaa itti gaafatamummaa kana bahachuu keessattis, daayirektooreetii komunikeeshinii ministeerichaawajjiin qindoominaan hojjeta.

Daayirektooreetiwwan kunneen hojiiwwan gurguddoo shanan armaan gadii irratti itti gaafatamummaa qabaatu:

- Gocha 1. Qajeelfama baajata gargaarasa amanneen barnootaa fooyya'ee ba'e qopheessuun naannoleef rabsuu.

Gocha2. Baajeta gargaarsa manneen barnootaa irratti leenjii leenjistootaa naannoleef kennamu qindeessuu.

- Gocha3. Baajeta gargaarasa manneen Barnootaa kan bu'uuraa fi dabalataa qoodduu fi ,qindessuun naannooleef dabarsuu.

Gocha 4. Badhaasa bu’aa raawwii hojii irratti hundaa’u qoodduu fi ,qindessuun manneen barnootaaf dabarsuu.

Gocha 5. Dabarsa baajata deeggarsa wiirtuu barnoota hunda hammatoo qindeessuu

Gocha 6. Sagantaa walitii dhufeenyaa akka biyyaatti taasifamu qupheessuun raawwachuu.

Gocha 7. Dabarsa baajeta gargaarsa amanneen barnootaa hordofuufi deeggeru.

Gocha 1. Qajeelfama baajata gargaarasa amanneen barnootaa fooyya’ee ba’e

qopheessuun naannoleef rabsuu.

- Biiroon barnoota naannooleefi dhimmamtoota waliin ta’uun qajeelfama baajeta grgaarsa manneen barnootaa qupheessuu.
- Qajeelfama baajeta grgaarsa manneen barnootaa quphaa’e naannooleetiif rabsuu.

Bu’aa hojiin Gochi1 raawwatamuu isaa ittiin safaramaa	(1) Naannoleen qajeelfama gargaarsa manneen barnootaa foyya’ee bahe fudhachuu isaanii.

Gocha 2. Baajeta gargaarsa manneen barnootaa irratti leenjii leenjistootaa naannoleef kennamu qindeessuu.

- Daayrektoreetiin Sagantaa fooyya’iinsa manneen barnootaa baajata deeggarsa manneen barnootaa irratti leenjii leenjistoota naannooleetiif kennamu qindeessuu irratti ittigaafatamummaa qaba .
- Leenjistoonni baajata deeggarsa manneen barnootaa irratti leenjii kennan kun biiroo barnootaa fi biiroo maallaqaafi walta’insa dinagdeenaannolee keessaa filatamuu qabu.
- Bakka bu’oonni ministeera maallaqaafi walta’insa dinagdee haala itti fayyadama sagantaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa irratti ibsa kennuudhaaf bakka leenjiin leenjistootaa itti kennamutti argamuu qabu.
- Hojiiwwan leenjiin leenjistoota naannolee keessatti hammatamuu qaban:
    - Baajeta gargaarsa manneen barnootaa irratti leenjistoota naannoleedhaaf leenjiin ni kennu. Kunis jijjiramoota sagantaa GEQIP_E keessatti taasifaman irratti ibsa kennuu dabalata.
    - Wixinee karooraafi leenjii naannoolee akka qophaa’u taasisuu

Bu’aa hojiin Gochi-2 raawwatamuu isaa ittiin safaramaa	(2) Leenjii sadarkaa naannootti kennameef gabaasa baay’ina hirmaattotaa of keessaa qabu dhiyaate

Gocha3. Baajeta gargaarasa manneen Barnootaa kan bu’uuraa fi dabalataa qooduu fi qindessuun naannooleef dabarsuu.

- Daayrektoreetii karooraa, maddisisa leecalloofi Sagantaa Foyya’insa Manneen Barnootaa; daayirektoreetii qindeessitoota sagantaa chaanalii tokko (channel-one) ministeera mallaqaafi walta’iinsa dinagdee keessa jiru waliin ta’uudhaan bajata gargaasaa manneen barnootaa qooduudhaan naannoleef ni dabarsu.

  Qooddiin bajataa kunis ragaa odeeffannoo sirna bulchiinsa barnootaa (EMIS) ministeera barnootaa irratti hundaa’uun raawwatama.
- Shallaggiin qooddii bajataa kunis, ragaa barattootaa waggoota lama duubatti deebi’uudhaan kan fudhatamu ta’a. Kunis, kan ta’uu danda’e gabaasa hirmaannaa barattootaa qindeessuufi dabarsuun yeroo dheeraa waan fudhatuufii dha. Fakkeenyaaf: qooddii bajataa bara 2011 hojjechuudhaaf ragaa bulchiinsa odeeffannoo barnootaa bara 2009 tu fudhatama.
- Qooddiin tokko tokkoon manneen barnootaaf kan shallagamuu qabu manneen barnootaa baay’ina barataa 200 gadi, buufata barnoota filannoo (ABE)fi naannoole guddachaa jiraniifi aanaalee horsiisee bulaatiif bajata dabalataa (5% top-up)ramaduu dabalateeti.
- Akkuma baajatni kun qoodamee darbeen daayirektoreetiin karooraafi maddasisaa leecaalloo ministeera barnootaa fi daayirektoreetii qindeessaa sagantaa chaanel tokko (channen-one) ministeera maallaqaafi wal-ta’iinsa dinagdee waliin ta’uudhaan naannoolee ni beeksisu. kunis, hanga baajata waliigalaa naannoolee,aanaaleefi manneen barnootaa tarreessuun gadi buusa.

Bu’aa hojiin Gochi-3 raawwatamuu isaa ittiin safaramaa	(1)Kooppii ragalee ykn xalayota hanga mallaqaa naannoolee, aanaaleefi manneen barnootaatiif darbee ibsan ministeera barnootaafi ministeera maallaqaafi walta’iinsa dinagdee keessatti qindaa’ee qabamee argamuu isaa. (2) manneen barnootaa baajata gargaarsa manneen barnootaa wagga waggaan sadaasa, 22 dura fudhatan.

Gocha 4. Badhaasa bu’aa raawwii hojii olaanaa irratti hundaa’u qooduu fi qindeessuun manneen barnootaaf dabarsuu.

- Daarektoreetiin bulchiinsa ragaa odeeffanno barnootaa ulaagaalee 2 irratti mala odeeffannoo sassaabuuf gargaaru qopheessuun manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa naannoolee hundaa irraa odeeffannoon barbaachisaan guuramuu isaa waggaa waggaan Sadaasa,22 dura mirkaneeffachuu;
- Daarektoreetiin bulchiinsa ragaa odeeffanno barnootaa ragaa ulaagaalee lama irratti hundaa’uun guurame qindeessuun daarektoreetii fooyya’iinsa manneen barnootaatiif Sadaasa ,22 dura nidhiyeessa;
- Daarektoreetiin bulchiinsa ragaa odeeffanno barnootaa daarektoreetii fooyya’iinsa manneen barnootaafi daarektoreetii Karooraafi maddisiisa leecalloo waliin qindoominaan hojjechuun manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa madaallii raawwii hojii isaaniitiin bu’aa olaanaa galmeessisanii badhaafamuu danda’an dhibbentaa 10% badhaasaaf adda baasuun ni qopheessu;
- Daaroktoreetiin fooyya’iinsa manneen barnootaa manneen barnootaa filataman tarreessuun akka mirkaneessaniifi maxxaffamuuf gara Biiroo Barnootaa Naannooleetiif erga.
- Daaroktoreetiin fooyya’iinsa manneen barnootaa komiiwwan akka naannootti dhiyaatan qindeessee harkatti qabachuun yoo barbaachisaa ta’e daarektoreetii bulchiinsa ragaa odeeffanno barnootaa waliin ta’uun ulaagaalee jiran ilaalee qooddii fi sadarkaalee kennaman foyyeessuu ni danda’a;
- Daaroktoreetiin Fooyya’iinsa Manneen Barnootaa dhuma irratti, maqaa manneen barnootaa badhaasaaf filataman Ministeera maallaqaafi walta’iinsa diinagdee biyyooleessaa (MoFEC) tiif ni dabarsa;
- Ministeerri maallaqaafi walta’iinsa diinagdee koppii tarreeffama maqaa manneen barnootaa naannolee hundaa irraa dhufe hojiirra olmaa maallaqa badhaasaa kana akka hordofaniif jecha biiroo maallaqaa fi wal-ta’iinsa dinagdeefi waajjira maallaqaafi wal-ta’insa dinagdee aanaatiif ni kenna

Bu’aa hojiin Gochi-4	(1)Kooppii ragalee ykn xalayota hanga mallaqaa naannoolee, aanaaleefi manneen barnootaatiif darbee ibsan ministeera barnootaafi ministeera maallaqaafi walta’iinsa dinagdee keessatti qindaa’ee qabamee argamuu isaa.

raawwatamuu isaa ittiin safaramaa	(2) manneen barnootaa badhaasa bu’aa raawwii hojii ol’aanaa irratti hundaa’u (PBA)wagga waggaan Bitootessa 23 dura fudhatan.

- Ministeera maallaqaafi walta’iinsa diinagdee biyyoolessaa (MoFEC)tti daarektoreetiin qindeessaa sagantaa chaanaalii tokkoo (channen one) akkaatuma baajatni gargaarsa manneen barnootaa ittiin darbuun manneen barnootaa badhaasichaaf filatamaniif hanga Bitottessa, 23 tti baajata badhaasaa bu’aa raawwii hojii olaanaa irratti hundaa’u (PBA)ni dabarsaaf.

Gocha 5. Dabarsa baajata deeggarsa wiirtuu barnoota hunda hammatoo qindeessuu

Bu’aa hojiin Gochi-5 raawwatamuu isaa ittiin safaramaa	(1)Kooppii ragalee ykn xalayota hanga mallaqaa naannoolee, aanaaleefi manneen barnootaatiif darbee ibsan ministeera barnootaafi ministeera maallaqaafi walta’iinsa dinagdee keessatti qindaa’ee qabamee argamuu isaa. (2) wiirtuulee deeggarsa manneen barnootaa hunda hammatoo (IERC) bajata gargaarsa isaanii wagga waggaan Sadaasa, 22 dura fudhatan.

Daarektoreetiin barnoota hunda hammatoofi deeggarsa addaa daarektoreetii karooraafi maddisiisa leecalloo waliin ta’uun qooddiifi dabarsa baajeta gargaarsa wiirtuu deeggarsa barnootaa hunda hammatoo ni qindeessa, ni hordofas.

Gocha 6. Sagantaa walitti dhufeenya akka biyyaatti taasifamu qopheessuun raawwachuu.

- Daaroktoreetiin komunikeshiinii mootummaa, qindoomina daarektoreetii fooyya’iinsa manneen barnootaa, daayirektoreetii karooraafi maddisiisa leecalloo waliin ta’uun karoora sosochii hawaasaa qopheeffachuun dhimma baajeta gargaarsaa manneen barnootaa qoodamu hunda irratti akka mar’atamu ni taasisu. Hojiin kun qulqullinaafi yeroo isaa eeggatee akka raawwatamu gochuu keessatti daayirektoreetiin kominikeshiinii mootummaa ministeera barnootaa itti gaafatamummaa qaba.
- Karoorri marii kun dhimmoota sagantaa gargaarsa manneen barnootaafi jijjiiramoota sagantaa GEQIP-E keessatti taasifaman irratti ergaawwan barbaachisoo ta’an kan dabarsu ta’uu qaba.
- Ergaawwan karaa miidiyaa adda addaa darban hawaasa bal’aa, manneen barnootaa fi buufataalee barnoota filannoo naannicha keessa jiran hunda gahuu danda’uu qabu.

Bu’aa hojiin Gochi-6 raawwatamuu isaa ittiin safaramu.	(1)Sagantaa fooyya’iinsa manneen barnootaa,hojiirra olmaa itti baajeta gargaarsa manneen barnootaa, gaheen GMBB fi miseensota kooriitiimii(core team) wirtuu kenna deegarsaa barnoota hunda hammatoo(IERC) fi sirna itti gaafatamummaa hawaasaa naannolee hunda irratti barreefamoota suur-sagaleefi viidiyoo qophaa’anii kennaman

Gocha 7. Dabarsaafi hojiirra olamma baajeta gargaarsa manneen barnootaa hordofuu

- Daarektoreetiiwwan fooyya’iinsa manneen barnootaa, deeggarsa addaafi barnootaa hunda hammatoo, karooraafi maddisiisa leecalloo qindoominaan dabarsaafi hojiirra olmaa baajata gargaarsa manneen barnootaa akaakuu hundaa ni hordofuu, gabaasa isaas ni qopheessu.
- Gabaasni hordoffii fi deeggarsaa daarektoreetii karooraafi maddisiisa leecallootiin qindaa’ee qaamota dhimmi ilaaluuf ni darba.

Bu’aa hojiin Gochi-7 raawwatamuu isaa ittiin safaramu.	1. Ministerri barnootaa koppii gabaasa daawwannaa, hordoffiifi bakka barbaachisaa ta’ee argametti bakka barbaachisaa ta’ee argametti tarkaanfiwwan sirreeffamaa buufata barnoota filannoo,wiirtuu deeggarsaa manneen barnootaa hunda hammatoo, tokkoon tokkoo aanaalee/mana barnootaa ilaalaman irratti fudhataman qabachuu.

4.2. Itti gaafatamummaa Naannoolee

Milkaa’ina sagantaa baajata gargaarsaa manneen barnootaatiif Biiroon Barnootaa fi biiroon maallaqaafi walta’iinsa diinagdee naannoolee itti gaafatamummaa qabu.

Biiroon barnootaa fi biiroon maallaqaafi walta’iinsa diinagdee naannoolee gochaalee shaman armaan gadii raawwachuuf itti gaafatamumma qabu. Isaanis:

Gochaa 1: Baajeta gargaarsaa manneen barnootaa irratti leenjii godinaaleefi aanaaleetiif qindeessuun kennuu

Gochaa 2: Baajetni gargaarsaa akka ramadamuuf taasisuuf ragaa wiirtuulee deeggarsa barnoota hunda hammatoo hundaa’anii hojii keessa jiranii qindeessuun ministeera barnootaaf dabarsuu

Gocha 3: Badhaasa raawwii hojii bu’aa irratti hundaa’u (PBA) ilaalchisee Komiiwwan jiran qulqulleessuun qaama dhimmi ilaaluuf beeksisuu

Gocha 4: Xalayaa fi qooddii baajeta gargaarsa manneen barnootaa godinaaleefi aanaalee hundaaf raabsuu

Gocha 5: Sagantaa baajeta gargaarsaa manneen barnootaa hordofuu

Bakkoota waajjirri barnootaa Godinaalee hin jirretti hojiiwwan waajjirichaaf kennaman biiroon bakka bu’ee hojjeta.

Gocha 1: Baajeta gargaarsaa manneen barnootaa irratti woorkishooppii qindeessuu

- Biiroo Barnootaa fi biiroon maallaqaafi walta’iinsa diinagdee naannoolee leenjii leenjistootaa (ToT) sadarkaa federaalaatti ogeeyyiif kennamu qindeessuun ni hordofa. Isaanis:
    - Itti gaafatamtoota waajjira barnootaa aanaalee
    - Ogeeyyota karooraa waajjira barnoota aanaalee
    - Ogeessota adeemsa fooyya’iinsa manneen barnootaa waajjira barnootaa aanaalee irraa bakka bu’e
    - Odiiteerota aanaalee
    - Sadarkaa waajjira barnoota aanaaleetti ogeessota barnoota fedhii addaa
    - Ogeessota dhimmoota koorniyaa waajjira barnootaa aanaalee
    - Waajjira mallaqqaafi walta’iinsa dinagdee aanaalee irraa nama bakka bu’e
- Leenjichi hojiiwwan armaan gadii of keessatti qabaata
- Dhimma raawwii bajata gargaarsaa manneen barnootaa ilaalchisee sadarkaa godinaleefi aanaalee irratti orenteshiinii kennuu. Kunis, jijjiirama baajata GEQIP-E irratti ibsa jiru of keessatti hammata.
- Raawwii baajata gargaarsaa manneen barnootaa irratti akkaataa bakka bu’onni GMBBfi dureen manneen barnootaa gahee isaanii itti bahachuu danda’an irratti orenteshiinii ni kennama.

Bu’aa hojiin Gochi-1 raawwatamuu isaa ittiin safaramu.	1. Gabaasni leenjii godinaaleefi aanaalee irratti geggeefame baay’ina hirmaattootaa dabalatee ministeera barnootaaf ni kennama.

Gochaa 2: Baajetni gargaarsaa akka ramadamuuf taasisuuf ragaa wiirtuulee deeggarsa barnoota hunda hammatoo hundaa'anii hojii keessa jiranii qindeessuun ministeera barnootaaf dabarsuu

- Naannoolee hunda irraa ragaa hojii irra olmaa baajata gargaarsaa wiirtuulee barnoota hunda hammatoo(IERC) guuruu
- Wiirtuuleen barnoota hunda hammatoo(IERC) hundi hojii keessa jiraachuu isaanii mirkanneessuu
- Raawwii hojii wiirtuulee leecaaloo irratti hordoffii fi gamaagama taasisuun akkaataa barbaachisummaa isaaniitti wiirtulee kanneen jijjiiruu

Bu'aa hojiin Gochi-2 raawwatamuu isaa ittiin safaramu.	1. Tarreeffama wiirtulee barnoota hunda hammatoo hojii keessa jiranii ministeera barnootaa (daayirektoreetii deeggarsa addaafi barnoota hunda fedhii addaa fi daayirektoreetii foyyaa'insa manneen barnootaa)tiif ergamuu

Gocha 4: Xalayaa fi qooddii baajeta gargaarsa manneen barnootaa godinaaleefi aanaalee hundaaf raabsuu

- Biiroon barnootaa fi Biiroon maallaqaa fi walta'insa dinagdee naannolee bajeta gargaarsaa waliigalaan ministeera barnootaa irraa ergame ni mirkaneessu.
- Biiroon barnootaa naannolee qooddii baajata gargaarsaa waliigalaa caqasuudhaan akkasumas, hanga baajataa manneen barnootaafi buufataalee filannoo addaaf darbe xalayaa seera qabeessaan aanaaleef ni barreessu.
- Tokkoo tokkoon xalayaalee aanaaleef ergamanii qabxiilee gabatee-10 keessatti ibsamefi aanaaleen immoo ragaa bulchiinsa odeeffannoo irratti hundaa'ee hanga bajata gargaarsaa qoodame ibsuun; manneen barnootaafi bufataalee barnoota filannootiif ni ergu. Gabateen kunis, manneen barnootaa barattoota baay'inni isaanii 200 gadi ta'e dabalatee of keessatti hammata.

Gabatee 10. Ramaddii Baajata Gargaarsa M/b Aanaalee Tokkoo Tokkoo isaaniif

Maqaa Aanichaa _____			
Marsaa	Baay'ina Barattootaa	Kaffaltii Xiqqaa Mataa Barataatiin	Qooddii baajataa waliigaalaa Aanichaa
Kutaa "O"		60	

Kutaa 1-4		50	
Kutaa 5-8		55	
Barnoota Bu'uuraa Filannoo (ABE)		50	
Kutaa 9-10		60	
Kutaa 11-12		70	
Ida'ama			
Kaffaltii dabalataa "top up" MB Aanichaa barattoota 200 gadi qabaniif taasifamu			
Ida'ama dimshaashaa			

- Baajata aanaaleetti erguun dura xalayaan ergamuu qaba. Kun immoo hoggantoonni baajatni isaaniif herrega baankii irratti galii akka ta'uu dursanii akka hubatan isaan gargaara. Bakka waajjirri barnootaa godinaa jirutti garagalchi xalayaa aanaaf ergamu waajjira barnootaa godinaaf ni kennama.
- Kanaan booda Biiroon Barnootaafi Biiroon MaallaqqaafiWal-ta'iinsa Dinagdee naannoolee waliin ta'uun hanga baajatichaa xalayaa irratti ibsamee aanaaf ni barreessu/ergu. Akkuma qarshiin ykn baajatni ergameenbiiroon barnootaa Naannoolee aanaalee ni beeksisu.

Bu'aa safaramaa gochi 4 milkaa'uu isaa agarsiisu	(1) Faayila Biiroon Barnootaa fi Biiroon Maallaqqaafi Wal-ta'iinsa Dinagdee naannooleetti ergamuufi garagalcha xalayaa baajatni gargaarasa manneen barnootaa aanaaleefi wiirtuleeBuufata Barnoota Filannootiif ramadamee ergamuu isaa mirkaneessuu (2) Faayilaafi tarreeffama hanga baajataa gargaarsaa aanaalee Biiroo Maallaqqaafi Wal-ta'iinsa Dinagdee naannoleetti ergame

Gocha 5. Sagantaa baajata gargaarsa manneen barnootaa hordofuu

- Biiroon Barnootaa fi Biiroon Maallaqqaafi Wal-ta'iinsa Dinagdee naannoolee waliin ta'uun baajatni gargaarsaa manneen barnootaatti ergamuu isaa hordoffii taasisu. Kaayyoon hordoffii kanaas aanaaleen baajaticha fudhachuu, sirriitti qabachuufi manneen

barnootaa hundaafi wiirtulee barnoota Filannootiif sirna ragaa bulchiinsa odeeffannoo irratti hundaa'uun dabarsuu isaanii mirkaneeffachuu.

- Hojjattoonni Biiroo barnootaa faayila kaffaltiin manneen barnootaafi wiirtulee wiirtuulee barnoota filannootiif ittiin kaffale keessattuu maxxantuu 3 "Annex 3" guca ramaddii baajata gargaarsa manneen barnootaa sirriitti sakkatta'uu qabu.
- Haala itti fayyadama baajata bu'uuraafi dabalataa irratti hordoffiifi madaallii gaggeessuu
- Haala itti fayyadama baajata dabalataa gargaarsa manneen barnootaa handhuura gabbisaa barnoota hunda hammatoo tiif oolu irratti hordoffii gaggeessuu
- Haala itti fayyadama baajata badhaasa raawwii bu'aa irratti hundaa'ee "PBA" irratti hordoffii gaggeessuu
- Gabaasa haala itti fayyadama baajata bu'uuraa, dabalataa, deeggersaafi badhaasa raawwii bu'aa irratti hundaa'e aanaa aanaadhaan qopheessuu.

Bu'aa safaramaa gochi 5 milkaa'uu isaa agarsiisu	(1) Biiroon barnootaa garagalcha hordoffii aanaalee, manneen barnootaa,Wiirtulee Barnootaa Filannoo,akkasumas, bakka barbaachisaa ta'etti tarreeffama tarkaanfilee fudhatamanii qabaachuu

4.3. Gahee Godinaa

Bakka godinaaleen akka caasaa mootummaa cimaatti tajaajilan ogeeyyiin waajjirabarnoota godinaalee deeggersaa fi hordoffii anaaleetiif taasisuuf ittigaafatamummaa qabu. Waajjirri barnoota godinaa hojiilee armaan gaditti ibsaman 2'n hojiirra oolchuuf itti gaafatamummaa qabu.

Gocha 1: Leenjii baajata gargaarsa manneen barnootaa aanaalee daawwachuu

Gocha 2: Sagantaa baajata gargaarsa manneen barnootaa hordofuu

- Bakka waajjirri barnootaa godinaa hin jirretti, Biiroon barnootaa gahee waajjirri barnootaa godinaatiif kenname fudhachuun dirqama isaa ni baha.

Gocha 1: Leenjii baajata gargaarsa manneen barnootaa aanaalee daawwachuu

- Waajirri barnoota Godinaalee dhimma leenjii baajeta gargaarsaa manneen barnoota sadaarkaa tokkoffaa, sadarkaa lammaffaa fi wiirtuu banoota filannoo (ABEs) kennuu

irratti Waajira Barnoota Aanaalee fi Waajjira Mallaqaafi walta'inasa dinagdee aanaalee hundaa deeggeruu qaba.

- Leenjii baajeta gargaarsa manneen barnootaa kana karoorsuun bakka bu'oota manneen barnootaa fi buufataalee (ABE) tiif kan kennamu waajjira barnootaa anaalee yoo ta'u, yeroo barbaachisaa ta'ee argametti waajjira barnoota godinaalee leenjii kana irratti daawwannaa ni gaggeessu.

Bu’aa safaramaa gochi 1 milkaa’uu isaa agarsiisu	(1) Hordoffii waajjirri barnoota godinaa leenjii baajeta gargaarsa manneen barnootaa anaalee irratti taasise irratti gabaasa qindaa'e.

Gocha 2 : Sagantaa baajata gargaarsa manneen barnootaa hordofuu

Ogeeyyiin biiroo barnootaa naannoolee akkaataa qajelfamaatiin haala hojiirra oolmaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa irratti deeggersaafi hordoffii taasisuuf gara aanaalee yeroo deeman ogeeyyiin waajjira barnoota godinaalee deggersa barbaachisa hunda taasisuu qabu.

Bu’aa safaramaa gochi 2 milkaa’uu isaa agarsiisu	(1) Waajjirri barnoota godinaalee garagalcha hordoffii aanaalee, manneen barnootaa,Wiirtulee Barnootaa Filannoo,akkasumas, bakka barbaachisaa ta’etti tarreeffama tarkaanfilee fudhatamanii qabaachuu.

4.4. Itti gaafatamummaa Sadarkaa Aanaa

Milkaa'ina sagantaa baajeta gargaarsa manneen barnootaatiif waajjirri barnootaa fi waajjira maallaqaafi walta'insa dinagdee Aanaalee hundaa itti gaafatamummaa qabu. Keessattu hojiiwwan shanan armaan gaditti tarreefamaniif itti gaafatamummaa cimaa qabu. Isaanis:

Gocha 1: Leenjiii baajeta gargaarsaa mannee barnoota Aanaalee qindeessuuf fi kennuu

Gocha 2 : Baajetni gargaarsaa manneen barnoota tokkoo tokkoo manneen barnootaa, wiirtuu barnoota filannoo(ABEs) fi kutaa 'O' tiif ramadamuu isaa mirkaneeffachuu

Gocha 3: Dhimma badhaasa raawwii hojii ol'aanaa (PBA) ilaalchisee ragaa fi sadarkaa isaanii manneen barnootaa beeksiisuu, komii isaanii irraa guuruun biiroo barnoota naannootiif erguu.

Gocha 4: Baajeta gargaarsa manneen barnootaa fi badhaasa raawwii hojii ol'aanaa irratti hunadaa'u(manneen barnootaa badhaafamuu danda'an qofaaf) manneen barnootaa , wiirtuu barnoota filannoo(ABEs) fi kutaa 'O' tiif dabarsuu.

Gocha 5 : Sagantaa baajeta gargaarsa manneen Barnootaa hordofuu akkasumas manneen barnootaafi wiirtuu barnoota filannoo(ABE) tiif deeggarsa keennuu.

Gocha 6: Manneen barnoota odiitiidhaaf filamatan irraa ragaalee walitti qabun, adeemsa oditiitichaaf haala mijeessuu fi argannoowwan odiitii irratti tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu

Gocha 1: Leenjiii baajeta gargaarsaa mannee barnoota Aanaalee qindeessuuf fi kennuu

- Ogeeyyiin aanaalee leenjii baajeta gargaarsa manneen barnootaa sadarkaa naannoo irratti fudhatan leenjii kana qindeessuun miseensota KGMB, dura bu'oota manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa fi sadarkaa 2ffaa akkasumas bakka bu'oota wiirtuu barnoota filannoo(ABE) tiif kennuu qabu.
- Bakka Boordiin barnootaafi leenjii gandaa(BBLG) jirutti Ogeeyyiin waajjira barnoota aanaalee tokkoo tokkoo manneen barnootaa fi wiirtuu barnoota filannoo(ABEs) irraa nama sadi sadii filchuu qabu. Filannoon kunis ulaagaa armaan gadii irratti hundaa'a:-
    - Miseensa koree GMB keessaa namni tokko walitti qabaa ta'a
    - Namni tokko dura bu'aa ykn I/A/dura bu'aa mana barnootaa ykn haala mijeessaa wiirtuu barnoota filannoo (ABE)irraa ta'uu qaba
    - Namni tokko barsiistuu dubaraa ykn hawaasa keessaa nama dammaqinaan mana barnootaa fi wiirtuu barnoota filannoo deeggeraa ture keessaa ta'uu qaba
    - Sagantaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa qixa sirriidhaan akka hordofaniif namootni leenjiidhaaf filatama gahumsa kan qaban ta'uutu irra jiraata.
- Kaayyoon workishooppichaa qabiyyee qajeelfama sagantaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa irratti oreenteeshinii kennuufi hojiirra oolmaa baajetichaa irratti gaheefi ittigafatamummaa dura bu'oota manneen barnootaafi wiirtuu barnoota filannootiif hubannoo kennuu dha.
- Workishooppichi ibsa jijjiiramoota sagantaa GEQIP_E keessatti taasifame hammachuu qaba.

Bu’aa safaramaa gochi 1 milkaa’uu isaa agarsiisu	(1)Gabaasni Leenjiin baajeta gargaarsa manneen barnootaa aanaalee irratti kenname maqaa hirmaattotaa fi mallattoo isaanii wajjiin waajjira barnoota Aanaalee jiraachuu

Gocha 2: Baajetni gargaarsaa manneen barnoota tokkoo tokkoo manneen barnootaa, wiirtuu barnoota filannoo(ABEs) fi kutaa 'O' tiif ramadamuu isaa mirkaneeffachuu

- Waajjiirri barnootaa fi waajjirri maallaqaa fi walta'insi dingdee aanaalee xalayaa ramaddii baajeta gargaarsa waliigalaa manneen barnootaa biiroo barnoota naannoolee irraa erga fudhatanii booda walitti dhufanii haga maallaqa waliigalaa tokkoo tokkoo manneen barnootaa fi wirtuu barnoota filannoo anaa isaaniitiif qoodame mirkaneeffachuu qabu.
- kaayyoon Walitti dhufeenya waajjira barnootafi waajjira Mallaqaafi walta'insa dinagdee aanaalee :
    - Fandii GEQIP_E tiin alatti wirtuu barnoota filannoo fi manneen barnootaa balaa tasaatiin miidhaman keessatti mataa barataatiin baajetni ramadamuu akka olguddatu taasisuuf
    - Baajetni gargaarsa manneen barnootaa manneen barnootaa xixiqqoo fi wiirtuu barnoota filannoo(ABEs) gahuu isaa mirkaneeffachuu
- Waajjirri barnoota aanaa marii gaggeefamu keessatti qaboo yaa'ii qabachuun faayila baajeta gargaarsa manneen barnootaa waajjira barnoota aanaa keessa jiru wajjiin walqabsiisee kaa'uu qaba.

- Qabiyyeewwan ajandaa walgahii kanaas kanneen armaan gadii ta'u:

  Ajandaa walgahii # 1 : Manneen barnootaafi wiirtuu barnoota filannoo warra barattoota 200 gadi qaban isaan kamtu akka barataa 200 qabaniitti yaadamee baajeta gargaarsa manneen barnootaa argachuu danda'an kan jedhu beekuu.

  Ajandaa walgahii # 2 : Ulaagaalee qaajelfama keessatti ibsamee jiru irratti hundaa'uun wiirtuulee deeggersa manneen barnootaa (CRC) kanneen gara wiirtuu deeggersa barnoota hunda hammatoo(IERC)tti guddatan filachuu.

  Ajandaa walgahii # 3: Unka ramaddii baajeta gargaarsa manneen barnootaa guutuu (Gocha 2.1)

Bu’aa safaramaa gochi 2	Dookimentoonni faayilaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa Waajjira barnootaa fi waajjira maallaqaa fi walta'insa dinagdee aanaalee keessatti argamuu qaban: (1). Qaboo yaa'ii walgahii waajjira barnootaa fi waajjira maallaqaafi walta'insa dinagdee aanaa murtoo ramaddii baajeta dabalataa manneen barnootaa barataa 200

raawwatamuu isaa agarsiisu	gadi qabaniif taasifamu of keessaa qabu. (2). Unki ramaddii baajeta gargaarsa manneen barnootaa guutame waajjira MWD Aanaa keessatti argamuu fi koppiin unka kanaa waajjira barnootaa Aanaa keessatti argamuu.

Tarree	A	B	C	D	E	F	G	H	I	J	K
Lak.	Maqaa dhaabbilee Barnootaa	Akaakuu Dhaabbilee Barnootaa (Kutaa 'O' sad. 1ffaa, BFA(ABE), Sad. 2ffaa)	Ragaa bulchiinsa Odeeffannoo barnootaa (EMIS) tiin hirmaannaa barattootaa fi hanga maallaqaa sadarkaatiin						Ida'ama Baajata Gargaarsaa MB **dhaabbataa** (qarshiidhaan)	Baajeta dabalataa (top-up) dhaabbilee barnootaa xixxiqqaaf taasifamu argachuu danda'aa? (Eeyye/Lakki)	Waliigala Baajata Gargaarsaa manneen barnootaaf ramadame (Qarshiidhaan)
			Kuta "O"	Kuta 1-4	Kuta 5-8	BFA (ABE)	Kutaa 9-10	Kutaa 11-12			
			Qar. 60.00	Qar. 50.00	Qar. 55.00	Qar. 50.00	Qar. 60.00	Qar. 70.00			
									H = (C*60)+ (D*50)+ (E*55)+ (F*50)+ (G*60))+	Ajandaa walgahii # 1 irraa	K+J = H+J (dhaabbilee barattoota 2000 qabaniif)
1	Dhaabbata 1	Sad.1ffaa		654	245	-	-	-	46,175	No	46,675
	Dhaabbata 2	Sad.1ffaa		112	-	-	-	-	5,600	Yes, 10,000	10,000
	Dhaabbata 3	BBF		-	-	380	-	-	19,000	No	21,000
	Dhaabbata 4	Sad.2ffaa		-	-	-	339	110	28,040	No	28,040

Aanaaleetiin guutamu

Gabatee 11a. Uunka Ibsituu Ramaddii Baajata Gargaarsa Mana Barnootaa; Ogeeyyii Waajjira Barnootaa fi Waajjira Maallaqaa fi Walta'insa Diinagdee

- **Dhaabbata 1**: Manneen barnoota sadarkaa tokkoffaa barattoota kutaa 1-8 qabaniif tokkoo tokkoo barataa kutaa 1-4 tiif qarshii 50.00 fi kutaa 5-8 tiif qarshii 55.00tu ramadama. Akka odeeffannoo sirna bulchinsa ragaa barnootaa(EMIS)tti hirmaannaa barattootaa tarree(column) 'C' fi 'D' jalatti taa'e jechuudha. Manni barnootichaa barattoota 200 ol waan qabuuf tarree(column) 'I' jalatti baajeta dabalataa (top up) hin argatu. Garuu,dhaabbatni kun barnoota barattoota miidhama qaamaaa qaban(SEN)tiif qar. 500.00 ni argata. Qarshiin waliigalaa dhaabbata1f ramadamu 46,675.00 ta'a jechuudha..
- **Dhaabbata 2:** Manni barnootaa sadarkaa 1ffaa barattoota kutaa 1-4 qofa qabu, barataa tokkoof qar. 50.00 tu ramadama. Akka sirna odeeffannoo bulchinsa ragaa barnootaa(EMIS) tti hirmaannaan barattootaa akka tarree(column) 'D' jalatti taa'een manni barnootaa kun barattoota 200 gadi waan qabuuf baajata dabalataa(top up) manneen barnootaa sadarkaa 1^{ffaa} xixiqqaatiif taasifamu akka tarree (column) 'I' jalatti taa'een argata malee baajeta barattoota fedhii barnoota addaa qabaniif akka tarree(column) 'J' jalatti taa'een hin ramadamuufi .Akkaataa kanaan baajenni dhaabbata 2f ramadamu qar. 10,000.00 qofaadha.
- **Dhaabbata 3**: Tokkoo tokkoo barattoota wiirtuu barnoota filannoo (ABE)tiif qarshii 50.00 tu ramadama. Kunis akka sirna odeeffannoo bulchiinsa ragaa barnootaa (EMIS)tiin hirmaannaa barattootaa tarree(column) 'E' jalatti galmaa'an bu'uureeffata. Wiirtuun Barnoota Filannoo(ABE) kun barattoota 200 ol waan qabuuf baajata dabalataa (top up) tarree (column) 'I' jalatti taa'e hin argatu. Garuu,dhaabbatni kun barnoota barattoota miidhama qaamaaa qaban(SEN)tiif qarshii 2000 ni argata. Haaluma kanaan, baajenni waliigalaa dhaabbata 3'f ramadamu qarshii 21,000.00 ta'a jechuudha.
- **Dhaabbata 4:** Manneen barnoota sadarkaa lammaffaa kutaa 9-12 qabaniif tokkoo tokkoo barataa kutaa 9-10 tiif qarshii 60.00 kan ramadamu yoo ta'u, kutaa 11-12 tiif immoo qarshii 70.00tu ramadama. Kunis akka sirna odeeffannoo bulchiinsa ragaa barnootaa (EMIS)tiin hirmaannaa barattootaa tarree(column) 'E' fi 'G' irratti galmaa'an irratti hundaa'a. Manni barnootichaa barattoota 200 ol qabaatus baajata dabalataa (top up) akka tarree(column) 'I' jala taa'eenis ta'ee kan barnoota barattoota miidhama qaamaaa qabanii(SEN)tiif akka tarree (column) 'J' jalatti taa'ee jiruun argachuu hin danda'an. Haaluma kanaan, Baajannii waliigalaa dhaabbata 4f ramadamu qarshii 28,040.00 qofa ta'a.

Xumura uunka ramaddii baajata gargaarsa manneen barnootaa kana irratti tokkoon tokkoo aanaa manneen barnootaa fi wiirtuu barnoota filannoo(ABE) qabu hundaaf hanga baajeta gargaarsaa isaaniif ramadame, ragaa hirmaannaa barattootaa fi gahee qooddii tokkoo tokkoo barataa xalayaadhaan beeksisuu qabu. Gabateen armaan gadii odeeffannoo unka ramaddii baajata gargaarsa mannen barnootaa aanicha keessatti galmaa'an irratti hundaa'ee tajaajilaaf ooluu qaba.

Gabatee 11b: Unka baajeta gargaarsa manneen barnootaa ogeeyyii waajjira barnootaa fi waajjira mallaqaa fi walta'iinsa dingdee aanaaleetiin guutamu.

Maqaa dhaabbataa	Akaakuu dhaabbataa (Sad.1ffaa, BBF(ABE) Sad. 2ffaa)	Ragaa Sirna Bulchiinsa Odeeffannoo barnootaa (EMIS) tiin hirmaannaa barattootaa fi hanga maallaqaa sadarkaatiin						Ida'ama Baajata Gargaarsaa MB **dhaabbataa** (qarshiidhaan)	Baajeta dabalataa (top-up) dhaabbilee barnootaa xixxiqqaaf taasifamu argachuu danda'aa? (Eeyye/Lakki)	Waliigala Baajata Gargaarsaa manneen barnootaaf ramadame (Qarshiidhaan)
		Kutaa '0'	Kutaa 1-4	Kutaa 5-8	BFA	Kutaa 9-10	Kutaa 11-12			
		Qarshii 60.00	Qarshii 50.00	Qarshii 55.00	Qarshii 50.00	Qarshii 60.00	Qarshii 70.00			

Yaadachiisa

- ✓ Lakkoofsi hirmaannaa barattootaa fi baajenni gargaarsa manneen barnootaa dhaabbataan(regular school grant) kan shallagamu ragaa sirna bulchiinsa oodeeffanno barnootaa(EMIS) irratti hundaa'ee raawatama. Haata'u malee gabaasa ragaalee kanaa argachuu fi qindeessuun yeroo dheeraa waan fudhatuuf ragaan hirmaannaa barattootaa waggoota lama duubatti deebi'uun kan fudhatamu ta'a.
- ✓ Yoo dhabbanni keessan barattoota 200 gadi kan qabu ta'e baajata dabalataa (top up) dhaabbilee barnootaa xixiqqaa tiif ramadamu argachuu danda'a. Yeroo akkana ta'u baajenni gargaarsaa manneen barnootaa dhaabbataan(regular school grant)kan ramadamu manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa tiif qarshii 10,000.00, fi manneen barnoota sadarkaa 2ffaa tiif qarshii 12,000.00 yoo ta'u wiirtuu barnoota filannootiif immoo qarshii 10,000.00 ta'a. (Baajenni gargaarsaa dabalataa osoo hin dabalatiin baajetni gargaarsaa shallaggame guddaa yoo ta'e isatu fudhatamaafi)

Bu'aa safaramaa gochi 2.1 milkaa'uu isaa	(1). Garagalcha xalayaalee manneen barnootaa fi wiirtuulee barnoota filannoo(ABE) tiif ergaman dabalatee faayilli baajeta gargaarsa manneen barnootaa waajjira barnootaa fi waajjira maallaqaafi walta'insa dinagdee

agarsiisu	aanaalee keessaatti argamuu.

Gocha 3: Dhimma badhaasa raawwii hojii ol'aanaa (PBA) ilaalchisee ragaa fi sadarkaa isaanii manneen barnootaa beeksiisuu, komii isaanii irraa guuruun biiroo barnoota naannootiif erguu**.**

- Biiroon barnoota naannoo ragaafi tarreeffama manneen barnootaa filataman Wajjira barnoota aanaaleetiif kan dabarsu yoo ta'u, waajjira barnoota aanaalee immoo ragaawwan manneen barnootaa kana sirrummaa isaa qulqulleessuun mirkaneeffachuudhaan ,sadarkaa isaanii manneen barnootaa beeksisuuf itti gaafatamummaa qabu.
- Yeroo komiin jiratu ykn garaagarummaan uumamu waajjirri barnoota aanaa jijjiirama taasifamuu qabu biiroo barnoota naannoo beeksisuu qaba .

Bu’aa safaramaa gochaan 3 raawwatamuu isaa ibsu	(1) Aanicha keessatti Sadarkaa manneen barnootaa hawaasaaf ifoomee fi manneen barnootaatti beekshifame.

Gocha 4: Baajeta gargaarsa manneen barnootaa fi badhaasa raawwii hojii ol'aanaa irratti hunadaa'u(manneen barnootaa badhaafamuu danda'an qofaaf) manneen barnootaa , wiirtuu barnoota filannoo(ABEs) fi kutaa 'O' tiif dabarsuu.

- Battaluma baajetni gargaarsa manneen barnootaa (ykn badhaasa bu'aa raawwii hojii ol'aanaa irratti hundaa'u /PBA/)n lakkoofsa herrega baankii aanaalee gaheen, ogeeyyiin waajjira barnootaa fi waajjira maallaqaa fi walta'insa dinagdee aanaalee baajetni kun atattamaan manneen barnootaa fi wiirtuu Barnoota filannoo /ABE/ tiif akka dabarfamu taasisuu qabu.
- Manneen barnootaa fi wiirtuu BBFA /ABE/ irraa baajeta gargaarsaa kana eenyu akka sochoosu/fuudhu/ qajeelchi kennamee jira.
- Ogeeyyiin waajjira maallaqaa fi walta’insa dinagdee aanaalee guca baajetni gargaarsa manneen barnootaa ittiin kennamu irratti bakka bu’oota manneen barnootaa fi wiirtuu Banoota filannoo(ABE) tiin sirriitti mallatteeffamuu isaa haalaan mirkaneeffachuu qabu.

Bu’aa safaramaa gochi 4 raawwatamuu isaa ibsu	(1)Guca baajetni gargaarsa manneen barnootaa ittiin qoodamu bakka bu’oota dhaabbilee barnootaa hundaan mallattaa'uu isaa fi baajeta gargaarsa manneen barnootaa fi(PBA) fudhauu isaanii mirkaneessu jiraachuu.

Gocha 5: Sagantaa baajeta gargaarsa manneen Barnootaa hordofuu akkasumas manneen barnootaafi wiirtuu barnoota filannoo(ABE) tiif deeggarsa keennuu**.**

- Ogeeyyiin waajjira barnoota aanaalee fi odiitarootni keessoo aanichaa gara manneen barnootaa fi wiirtuu BBFA deemuun hojiirra oolmaa sagantaan gargaarsa manneen barnootaa irratti daawwannaa gaggeessuun mirkaneeffachuu qabu.
- Sirni to'annoo fi deeggarsaa milkaa'aa kan ta'u yeroo sadii yoo gaggeeffame dha:
  - ☑ **Xumura bara barnootaa irratti:** Ogeeyyiin waajjira barnootaa fi waajjira maallaqaa fi walta'insa dinagdee aanaalee manneen barnootaa daawwachuun adeemsa karoorsuu waggoota fuula duraa ilaalchisee karoora fooyya'insa mana barnootaa irratti deeggarsa gochuu qabu. Deeggarsi yeroo kanatti kennamu koreen GMB mala qophii karoora ragaa irratti hundaa'e akka fayyadaman isaan gargaara. Manneen barnootaa fi wiirtuun barnoota filannoo(ABE) baajeta gargaarsa manneen akkaataa qajeelfama isaatiin hojiirra oolchuu akka qaban hubachiifamuu qabu.
  - ☑ **Erga baajetni gargaarsaa qoodamee dabarfamee torbee lamaa booda:** Ogeeyyiin waajjira barnootaafi waajjira maallaqaafi walta'insa dinagdee aanaalee gara manneen barnootaa fi wiirtuu barnoota filannoo(ABE) deemuun akkaataa baajetni gargaarsaa itti qoodame irrati ibsa kennuufi ittigaafatamummaa isaan hojiirra oolmaa sagantaa gargaarsa manneen barnootaa irratti qaban ilaalchisee gorsaa fi deeggarsa kennuu qabu.
  - ☑ **Erga baajetni gargaarsa M/b dabarfamee ji'a sadii booda-** Ogeeyyiin waajjira barnootaafi waajjira maallaqaafi walta'insa dinagdee aanaalee gara manneen barnootaa fi wiirtuu barnoota filannoo(ABE) deemuun sanadootni(financial documents)barbaachisoo sirnaan qindaa'anii qabamuu isaanii mirkaneeffachuu qabu. Isaanis, galmee kaashii baajeta gargaarsa manneen barnootaa / School grants cash book/ (Maxxantuu 5 ilaali) fi dokumantoota dabalataa, foormii duraa-duuba hojiilee gargaarsa manneen barnootaa itti qophaa'u (Maxxantuu 4 ilaali) fi faayila baajeta gargaarsa manneen barnootaa. Dabalataanis, ogeeyyiin wajjira barnoota aanaalee baajetni gargaarsa manneen barnootaa akkaataa tarreeffama hojii karoora fooyya'insa manneen barnootaa keessa taa'ee jiruun sirriitti hojiirra ooluu isaa mirkaneeffachuu qabu. Wiirtuuleen barnoota filannoo(ABEs) gahumsa

isaanii xiqqaa waan ta'eef daawwannaan yeroo gaggeeffamu dursi kennamuuf qaba.

- Badhaasni bu'aa raawwii hojii ol'aanaa(PBA) sirnaan hojiirra oolchuu keesstti ni hirmaatu ni deeggerus.
- Wiirttuuleen deeggersa barnoota hunda hammatoo(IERC) baajeta gargaarsaa isaaniif ramadame qixa sirriin hojiirra oolchuu isaanii ni hordofu.

Bu’aa safaramaa gochi 5 raawwatamuu isaa ibsu	(1) Gabaasni tokkoo tokkoo daawwannaa gaggeeffamee qindaa'ee wajjirri barnoota aanaalee jiraachuu.

Gocha 6: Manneen barnoota odiitiidhaaf filamatan irraa ragaalee walitti qabuu, adeemsa oditiitichaaf haala mijeessuu fi argannoowwan odiitii irratti tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu.

- Yeroo odiitiin gaggeeffamu wajjira barnoota aanaalee irraa wanti barbaadamu ragaa galmee kaashii (cash book), xalayaa baankii (Bank statement), maallaqa callaa lakkaa’amee harka irra jiru fi guca duraa-duuba hojiilee baajeta gargaarsa manneen barnootaa jalqaba waggaa iratti ittin qindaa'e wajjira maallaqaa fi walta’insa dinagdee ykn manneen barnootaa irraa walitti qabuun dhiyeessuu qaba.
- Wajjirri barnoota aanaalee waa’ee odiitii fi wantoota odiitiif barbaachisan irratti manneen barnootaa hubachiisuu akkasumas haala mijeessuu qabu.
- Odiitiin booda, wajjirri barnoota aanaalee argannoowwan odiitii irratti tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu qabu , yoo barbaachisaa ta'ee argames manneen barnootaa deeggaruu qabu.
- Manneen barnootaa iddattoo(sample) fudhataman irratti odiitii gaggeessuu.

Bu’aa safaramaa gochi 6 raawwatamuu isaa ibsu	(1) Odiitiin raawwatee garagalchi gabaasa odiitii irratti qindaa'e wajjira barnoota aanaalee jiraachuu .

4.5: Itti Gaafatamummaa sadarkaa Mana barnootaa(Sadarkaa Hawaasaa: Gamtaa maatii, Barsiisotaa fi barattootaa)

- Gamtaan maatii, barsiisotaa fi barattootaa (PTSA) fi koor tiimiin wiirtuu deggersa barnootaa hunda hammatoo(IERC core team) baajeta gargaarsa manneen barnootaa sadarkaa manneen barnootaafi wirtuu barnoota filannoo(ABEs) tti itti gaafatamummaa ni fudhatu. Manneen barnootaa fi wiirtuu barnoota filannoo(ABEs) gamtaan maatii, barsiisotaa fi barattootaa (PTSA) fi koor tiimiin wiirtuu deeggersa barnootaa hunda hammatoo (IERC corre team) keessatti hin hundoofne yoo jiraatan, keessatti hundeeffamuu qaba. Gamtaan maatii, barsiisotaa fi barattootaa (PTSA) fi koor tiimiin wiirtuu deggersa barnootaa hunda hammatoo(IERC core team) hojiiwwan jahan armaan gadiif itti gaafatamummaa qabu:
  - ☑ **Gocha 1**: Wagahii hubannoo hawaasaa cimsu ni gaggeessuu;
  - ☑ **Gocha 2:** Dokumentii bulchiinsa baajeta gargaarsaa manneen barnootaa yeroo yeroon sakatta'uun ni sirreessuu;
  - ☑ **Gocha 3**: Baajeta gargaarsa manneen barnootaa fudhachuu;
  - ☑ **Gocha 4**: Karoora gochaa(action plan) kan karoora fooyya'insa mana barnootaa fi kanwiirtuu deeggersa barnootaa hunda hammatoo /IERC/ hojiirra oolchuu;
  - ☑ **Gocha 5**: Ibsa faayinaansii mana barnootaa qopheessuun gabatee beeksisaa gargaarsa manneen barnootaa irratti maxxansuu
  - ☑ **Gocha 6:** Hojiirra oolmaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa akaakuu hundaa qopheessuun gabaasuu;
  - ☑ **Gocha 7**: Hojii odiitiif yoo filataman of qopheessuu qabu.
- **Gocha 1:** Wagahii hubannoo hawaasaa cimsu ni gaggeessuu

Haala mijeessitootni walgahichaa (dura taa'aa ykn miseensa gamtaa maatii, barsiisotaa fi barattootaa /PTSA/, dura taa'aa mana barumsaa , dura taa'aa ykn miseensa koor tiimii wiirtuu deeggersa barnoota hunda hammattoo /IERC/) anjandaalee armaan gadii irratti gadifageenyaan mariisisuu qabu:

Ajandaa walgahii #1- Sagantaa fi akaakuuwwan baajeta gargaarsa manneen barnootaa irratti ibsa kennuu ;

Ajandaa walgahii #2 - Karoora fooyya'insa manneen barnootaa/ karoora gochaa (IERC) beeksisuu;

Ajandaa walgahii #3 - Itti fayyadama Baajeta gargaarsa manneen barnootaa keessattti dhimmoota dursa argachuu qaban irratti mari'achuu

Ajandaa walgahii #4 - Galmee to’annoo hirmaattota walgahii mallatteessisuu

Bu’aa safaramaa gochi 1 raawwatamuu isaa ibsu	(1) Qaboo yaa'ii walgahii fi tarreeffama hirmaattota walga'ii galmee qaboo yaa’ii baajeta gargaarsa manneen barnootaa keessatti galmaa'ee argamuu. (2) Guca hojiiwwan duraa-duubaan hojjetaman irratti galmaa'u guutamuu isaa fi garagalchi isaa gabatee beeksisaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa irratti maxxanfamuu.

☑ **Gocha 2:** Dokumentii bulchiinsa baajeta gargaarsaa manneen barnootaa yeroo yeroon sakatta'uun ni sirreessuu.

Koreen gamtaa maatii, barsiisotaa fi barattootaa /PTSA/ walgahuun dhimmoota adda addaa afur irratti mar’achuu qabau. Koreen gamataa maatii, barsiisotaa fi barattootaa /PTSA/ tokkoo tokkoo dhimmoota kanaa eenyu akka sirreessuu fi yeroo yerootti haaromsu irratti waliigaluun barbaachisaa dha. Miseensa koree gamataa maatii, barsiisotaa fi barattootaa keessaa tokko qabxiilee armaan gadii raawwachuu qaba.

Qaboo Yaa’ii Walgahii Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa

- Gamtaan maatii marattotaa fi Barsiisotaa (GMBB) dookumantii qaboo yaa’ii walgahii hojii irra oolmaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa hundaa murteessuuf taasifamu qabachuuf itti gaafatamummaa qaba.
- Murteewwan gamtaan maatii barattootaafi barsiisotaatiin taasifaman hundi adeemsi isaa sirrii ta’uu agarsiisuuf qaboo yaa’ii baajeta gargaarsa manneen barnootaa keessatti galmeessuun qabamuu qaba.
- Qaboon yaa’ii walgahii hundaa yoo xiqqaate miseensota Gamtaa Maatii barattootaafi barsiisotaa sadi’iin guyyaan walgahichi taasifameirratti ibsamee qabachuun mallatteeffamuu qaba.
- Qaboon Yaa’ii baajeta gargaarsa manneen barnootaa miseensa gamtaa maatii barattootaa fi barsiisotaan filatameen qabamuu qaba.

Faayila Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa

- Faayilli baajeta gargaarsa manneen barnootaa gamtaa maatii fi barsiisotaan banamee qabamuu qaba.Faayilli kun kan haala gaariin gurmaa'ee fi xalayaawwan, yaadannoowwan,ergaawwan kkf. baajeta gargaarsa manneen barnootaa (School Grant) waliin walqabatan(Biiroo Barnootaa,Ministeera Barnootaa,Waajjira Barnoota Godinaalee/Bulchiinsa Magaalotaa, hawaasaa fi kkf.irraa dhufan) fi dookumantoota biroo kanaan walitti dhufeenya qaban kanneen akka nagahee,invooyisii fi yadannoo qabaachuu qaba
- Faayilli baajeta gargaarsa manneen barnootaa miseensa gamtaa maatii barattootaa fi barsiisotaa filatameen qabamuu qaba.

Gabatee Beeksisaa Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa

- Gamtaan maatii barattootaa fi barsiisotaa gabatee beeksisaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa qopheessuun hanga baajeta manneen barnootaa waggaa waggaan fudhatanii fi baajetichi dhimma maalii irra akka oolu waliin bakka hawaasni arguu danda'utti maxxanfamuu qaba.Gucni odeeffannoo gabatee beeksisaa baajeta gargaarsa manneen barnootaatiin darbuu qabu maxxantuu (5)irratti tarreeffamee jira.
- Gabatee beeksisaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa bakka hawaasni haala salphaa ta'een arguu danda'utti qophaa'uu qaba.Miidhaa adda addaa iraas eegamuu qaba.
- Gabateen beeksisaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa yeroo yeroon haaromfamu qaba.

Kaash Buukii Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa Sagantaa "GEQIP-E"

- Gamtaan maatii barattootaafi barsiisotaa Kaash Buukii baajeta gargaarsa manneen barnootaa sagantaa "GEQIP-E" qopheessuun baasii itti fayyadama baaajeta gargaarsa manneen barnootaa hunda irratti galmeessee qabachuu qaba.Kaash Buukichi sirrii fi odeeffannoo hunda kan qabaatu ta'uu qaba.
- Kaash Buukiin kuni baajeta gargaarsa manneen barnootaa sadarkaa Aanaa irraa kan fudhatamee fi qaama sagantaa "GEQIP-E" qofa ta'uu isaa hubachuun barbaachisaadha

- Manni barumsichaa yookiin buufanni farnoota filannoo(ABE) galii fi baasii biroo baajeta gargaarsa manneen barnootaan alatti yoo qabaate Kaash Bookii kanaa keessatti qabamuu hin qabu. Gucni Kaash Buukii maxxantuu 5 keessatti kan ibsamee jira.

Bu'aa safaramaa Gocha 2 raawwachuu isaa agarsiisu	Wantoonni armaan gaditti tarreeffaman haaromfamuu isaanii fi yeroo barbchisaa ta'e daawwatamuu qabu: (1) Kitaaba Qaboo yaa'ii walgahii baajeta gargaarsa manneen Barnootaa (2) Faayila Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa (3) Gabatee Beeksisaa Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa (4) Kaash Buukii Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa Sagantaa "GEQIP-E"

Gocha 3: Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa Fudhachuu

- Manneen barnoota sadarkaa tokkoffaa fi sadarkaa lammaffaaf dura bu'aan manneen barnootaa mallatteessuun Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa fudhachuu qaba.
- Buufata barnoota filannootiif, dura bu'aan wiirtuu gurmuu manneen barnoota keessatti waliti hidhamiinsa BBF waliin kan qabu yookiin dura taa'aan gamtaa maatii fi Barsiisotaa BBF mallatteessuun baajeta gargaarsa mana barumsichaa fudhuu qaba. Buufanni Barnoota Filannoosanaa yoo GMBB yookiin wiirtuu gurmuu manneen barnootaa waliin walitti hidhamiinsa yoo hin qabu ta'e miseensi hawaasaa keessaa dammaqinaan BBF sana dhiyeenyatti deeggaraa ture filachuun akka baajeta grgaarsa mana barumsichaa mallatteessuun fuudhu ta'ee garuu amma danda'ametti hatattamaan GMBBn akka hundeeffamu taasisuun filatamaadha.
- Wiirtuu Deeggarsa Barnoota Hunda-Hammatootiif dura bu'aan mana barnootaa Wiirtuu Deeggarsa Barnoota Hunda Hammattoo ta'ee Garee Koorii hoogganu Baajata Gargaarsa Manneen Barnootaa mallatteessuun fudhachuu qaba. Gareen Koorii Wiirtuu Kenna Deeggarsa Barnoota Hunda Hammatoo yoo jiraachuu baate hatattamaan hundeeffamuu qaba.

- Baajata Gargaarsa Manneen Barnoota fudhachuuf dura bu'an mana barnootaafi bakk bu'aan Barnoota Filannoo Guca Qooddii Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa seera qabeessa ta'e irratti mallatteessuu qabu.

Bu'aa safaramaa Gocha 3 raawwachuu isaa agarsiisu.	(1) Waajjirri MWD Aanaa Guca Qooddii Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa seera qabeessa ta'e mallatteeffame hambifachuun manneen barnootaa hundi baajeta gargaarsa Manneen Barnootaa fudhachuu isaanii kan agarsiisudha.(Yoo Baajetichi qarshii 15,000 gadi ta'e). (2) Nagahee Baankiitiifi Baajata Gargaarsaa Manneen Barnootaa fudhatame

Gocha 4: Karoora Fooyya'iinsa Manneen Barnootaa/Karoora Raawwii Wiirtuu Kenna Deeggarsa Barnoota Hunda Hammatoo Hojii Irra Oolchuu

- Baajetni Gargaarsa Manneen Barnootaa akkuma fudhatameen, Gamtaan Maatii Barattootaafi Barsiisotaa/Gareen Koorii Wiirtuu Kenna Deeggarsa Barnoota Hunda Hammatoo hojiilee guca gargaarsi Manneen Barnootaa dursi ittiin kennamu keessatti tarreeffaman irra oolchuu ni danda'u(Maxxantuu 4)
- Gamtaan Maatii Barattootaafi Barsiisotaa/ Gareen Koorii Wiirtuu Kenna Deeggarsa Barnoota Hunda Hammatoo baasii 'GEQIP-E' keessaa hunda Kaash Buukii Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa keessatti tarreessuu fi invooyisii, yaadannoowwan fi nagahee Faayila Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa Keessatti qabachuu qaba.
- Gamtaan Maatii Barattootaafi Barsiisotaa/ Gareen Koorii Wiirtuu Kenna Deeggarsa Barnoota Hunda Hammatoo Baajetni Gargaarsa Manneen Barnootaa haala kamiin akka hojii irra oole sirriitti galmeessee qabachuun barbaachisaadha.

Bu'aa safaramaa Gocha 4 raawwatamuu isaa agarsiisu	Wantoonni armaan gaditti tarreeffaman haaromfamuu fi yeroo barbchisaa ta'e daawwatamuu qabu: (1) Karoora Fooyya'iinsa Manneen Barnootaa/ Kaaroora gochaa wiirtuu deeggersaa barnoota hunda hammatoo

	(2) Kitaaba Qaboo Yaa'ii Walgahii baajeta gargaarsa manneen barnootaa (3) Faayila Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa (4) Gabatee Beeksisaa Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa (5) Kaash Buukii Baajeta Gargaarsa Mana Barnootaa Sagantaa 'GEQIP-E'

Gocha 5: Ibsa Faayinaansii Waliigalaa Qopheessuu fi Gabatee Beeksisaa Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa Irratti Agarsiisuu

- Bulchiinsa faayinaansii irratti iftoominaa fi itti gaafatamummaa mirkaneessuuf, manneen barnootaa fi Buufatni Barnoota Filannoo ibsa odeeffannoo waliigala faayinaansii mana barnootichaa hundaa fi tokkoo tokkoo ragaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa irratti jiru waggaan waggaan qopheessuu qabu.
- Ibsi waliigalaa faayinaansii baajeta gargaarsa manneen barnootaa waggaa waggaan Adoolessa 15tti qophaa'uu qaba.
- Ibsi faayinaansii waggaa waggaan taasifamu kunis baajeta gargaarsa manneen barnootaa keessaa hagamtu bahii akka ta'e adda baasuu qaba.
- Maxxantuun 6 guca dookumantii kanaaf ta'u kan qabatuudha. Gucichi erga guutameen booda Gabatee Beeksisaa Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa irratti maxxanfamuu qaba.

Bu'aa safaramaa Gochi 5 raawwachuu isaa agarsiisu	(1) Guca ibsa faayinaansii guutame (Maxxantuu 6) Gabatee Beeksisaa Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa irratti maxxanfame.

Gocha 6: Gabaasa Itti Fayyadama Baajeta Gargaarsa Manneen Barnootaa (Kan Bu'uraatiifi Dabalataa akkasumas Badhaasa bu'aa Raawwii hojii irratti Hundaa'e yoo kan fudhatan ta'e)

- Gabaasa gabaabaafi ibsa itti fayyadama waliigalaa baajeta gargaarsa manneen barnootaa hunda waajjira maallaqaa fi walta'iinsa dinagdee aanaatiif erguu.

Bu'aa safaramaaGocha 6 raawwachuu isaa	(1) Gabaasa ittifayyadama Baajeta Gargaarsa Manneen

agarsiisu	Barnootaa MWD aanaatiif ergame.

Gocha 7: Odiitiidhaaf Hayyamamoo ta’uu (yoo filatamaniiru ta’e)

- Manneen barnootaa odiitiidhaaf yoo filataman kaash bookii, lakkoofsa baankii(Baajenti gargaarsaa manneen barnootaa sun yoo lakkofsa herregaa qabaate), maallaqa calla harkaa qabanii fi guca baajeta gargaarsaa manneen barnootaa (bara bajeta jalqabaatti) waajjira barnootaa aanaatiif erguun isaanirraa eegama.
- Manneen barnootaa dokumentiin dabalataa oditiidhaaf yeroo gaafatamanitti hayyamamoo ta’uun isaanirraa eegama. Yeroo odiitiin geggeefamuttis waajjirri maallaqaa fi walta’iinsi dinagdee fi waajjirri barnootaa aanaalee qindoominaan deeggersa kennuu qabu.

Bu’aa safaramaa Gochi 7 raawwachuu isaa agarsiisu.	(1) Gabaasa odiitii baajeta gargaarsa manneen barnootaa fudhatame.

Maxxantuu 1: Guca ibsa faayinaansii manneen barnootaa

Maqaa mana barumsaa:	**Dura bu'aa mana barumsaa:**
Naannoo:	**Itti gaafatamaa koree GMBB:**
Godina:	**Hanga Baajata gargaarsaa manneen barnootaa waliigalaa:**
Aanaa:	**Guyyaa naga'ee baajeta gargaarsa manneen barnootaa :**
Guyyaa oditii :	**Bara bajetaa:**

Hubachiisa:-Gaaffiwwan armaan gaditti dhiyaataniif deebiin keessan 'miti' yoo ta'e maaliif miti akka jettan ibsaa.

Mirkaneessi	**Eeyye**	**Miti**	**yaada**
Karoora hojii			
Karoorrii hojii mana barumsichaatiin qophaa'e ni jiraa?			
Karoorri hojii kun maatiin,barataa,waldaa barsiisotaa fi hawaasa hirmaachisuun kan qophaa'edhaa?			
Karoorri hojii kun mirkanaa'eraa ?			
Tartiiba sanadoota herrega baajetaa(accounting arrangements)			
Kaash buukiin(Cash book) istaandardii isaa eeggate qophaa'eeraa?			
Guyyaa fi barreeffamootni kaash buukii keessatti caqasamuu qabu haalaan galmaa'eraa?			
Kaash buukii keessatti nagahee ittiin maallaqni funaaname hundi sirriitti galmaa'anii juruu?			
Nagaheen kaffaltii Kaash buukii keessatti haala sirrii ta'een galmaa'e jiraa?			
Hangi maallaqaa Kaash buukii irra jiru yeroo yeroon ilaalamaa deemaa?			
Hangi maallaqaa dura bu'aatiin ni ilaalamaa? Kaash buukiin dura bu'aatiin ni mallatteeffamaa?			
Lakkoofi herrega baankii baaajeta gargaarsaa manneen barnootaa qarshii 15000 fi isaa oliif saaqamee jiraa?			
Meeshaaleen fudhataman galmaa'anii jiruu? (yaadannoo fi galmaa'uu isaanii)			
Sochii Maallaqaa (Transaction)			
Sanadootni nagahee bittaa fi nagahee kafaltii ittiin raawatame deeggeran qindaa'anii jiruu ?			
Kaffaltiin maallaqaa taasifame hogganaa dhimmi ilaaluun mirkanaa'ee jiraa ?			
Baasiiwwan maallaqaa akkaataa karoora hojichatiin ademsifamaa jiraa ?			
Dogoggora tasa uumamu (Oversight)			
Kaash buukiin qaamni mootummaa fi hawaasni akka ilaaluuf kaa'ame ni jiraa?			
Gabaasa ifa taasifame keessa qaboo yaa'ii ni jiraa?			
Manni barnootaa gabatee beeksiisaa raawwii baajeta gargaarsaa irratti maxxansuun ummataaf ifa taasisu ni qabaa?			

Yaada Odiiteraa: akkaataa maanuwaalii sagantaa hoggansa faayinaansii fi qajeelfama baajeta gargaarsaa manneen barnootaatiin yaadni odiiterootaa kan ta’uu qabu			
	Maqaa	mallattoo	Itti gaafatamummaa
Odiitii mana barumsaa geggeeffame			
Odiitii mana barumsaa mirkanaa’e			
Odiitii mana barumsaa raggaasifame			

Maxxantuu 2: Guca baajatni gargaarsaa manneen barnootaatiif ittiin ramadamu

Naannoo						Maqaa ogeeyyii waajjira barnootaa ykn waajjira maallaqaa fi walta'insa dinagdeeaanaa dhimma baajata gargaarsaa manneen barnootaataa irrattiitti gafatamummaa qabanii.							
Godina						Mallattoo ogeeyyii waajjira barnootaa ykn waajjira maallaqaa fi walta'insa dinagdeeaanaa dhimma baajata gargaarsaa manneen barnootaataa irratti itti gafatamummaa qabanii							
Aanaa													
Tar.	A	B	C	D	E	F	G	H	I	J	K	L	M
Lak.	Maqaa dhaabatichaa	Akaaku dhaabbatichaa BBF, sad 1ffaa Bu'uura filannoo, sad.2ffaa	Ragaa Sirna Bulchiinsa Odeeffannoo barnootaa (EMIS) tiin hirmaannaa barattootaa fi hanga maallaqaa sadarkaatiin						Ida'ama Baajata Gargaarsaa MB **dhaabbataa** (qarshiidhaan	Baajeta dabalataa (top-up) argachuu danda'aa? (Eeyye/ Lakki	Waliigala Baajata Gargaarsaa manneen barnootaaf ramadame (Qarshiidhaan)	Gargaarsa manneen barnootaa barnoota fedhii addaatiif dabalataan kenname? Eeyyen/lakkii(Birr)	Ida'ama Baajata Gargaarsaa MB **dhaabbataa** (qarshiidhaan
			Kutaa 'O'	**K :1-4**	**K :5-8**	**ABE**	**K:9-10**	**K :11-12**					
			(60 Birr)	**(50 Birr)**	**(55 Birr)**	**(50 Birr)**	**(60 Birr)**	**(70 Birr)**					
									(C*60)+ (D*50)+ (E*55)+ (F*50)+ (G*60)+ (H*70)+				I+k+L(dhaabbata barnoota barattoota 200 ol qabaniif) I+J+K+L (dhaabbata xixiqooti if)

Maxxantuu 3: Guca hojiiwwan baajeta gargaarsaa manneen barnootaa duraa duuba itti kennamu(Prioritization form)

Maqaa mana barnootaa			
Aanaa			
Godina			
Naannoo			
Yeroo		Hanga	
Kan qopheesse			
Kan mirkaneesse			

Lak.	Haala marii hawaasaa irratti hundaa'uun, karoora fooyya'insa mana barnootaaf dursa kennuu (Gocha 2, gosa ajandaa #3)	Gatii tilmaamame (Qarshii)	Yeroo raawwii karooraa	Domenii baruufi barsiisuu (Eyyee/Lakki)
1				
2				
3				
4				
5				

Maxxantuu 4: Foormaatii kaash buukii baajata gargaarsa manneen barnootaa

Maqaa mana barnootaa		Maqaa qarshii qabaa	
Aanaa		Ji'a	
Naannoo		Bara	

Lakkofsa a akaakuu	Guyyaa	Maqaa nama kanfalamuufii	Kanfaltiin kan ajaje	Hanga baajata gargaarsaa manneen barnootaa	**Kaffaltiiwwan**					**Haftee herreegaa**	
					Suphaa	*Ijaarsa*	*Meeshaalee e barreessaa*	*Meeshaalee qajeelchaa*	*Kan biroo*	*Qarshii*	*Saa ntima*
Haftee herreegaa banaa b/f											
Waliigala											

Hafteen herreegaa kan ittiin ibsamu		**Haftee herreegaa kan sakatta'eefi mirkaneesse**	
Qarshi callaa harkarra jiru		Dura bu'aa m/barnootaa	
Qarshi callaa baankii jiru		Abbaa herreegaa	
Ida'ama		Maallaqa qabaa	

Maxxantuu 5: Foormaatii gabatee beeksisaa bajeta gargaarsaa manneen barnootaa

Maqaa mana barnootaa	Aanaa	Naannoo	Baajata gargaarsaa manneen barnootaa bara kana keessa fudhatame	Guyyaa fudhatame	Baajata gargaarsaa manneen barnootaa bara darbee keessa fudhatame	Guyyaa fudhatame
			Qarshii	/ /	Qarshii	/ /

Fandii baajata gargaarsaa manneen barnootaa fayyadamuun hojiiwwaan hojjetama		
Gosa hojiiwwan hojjetamanii	**Haala marii hawaasaa irratti hundaa'uun, karoora fooyya'insa mana barnootaaf dursa kennuu keessatti hojiiwwan hammataman (Eeyyee/Lakki)**	**Karoora fooyya'insa manneen barnootaa keessatti hojiiwwan doomenii baruufi barsiisuu (Eeyyee/Lakki)**
Hojiiwwan gurguddoo deeggarsa garaagaraa argachuun manneen barnootaa keessatti hojjetaman (hirmaannaa hawaasaa dabalatee)		
Ibsa hojiiwwan hojjetamanii	**Haala marii hawaasaa irratti hundaa'uun, karoora fooyya'insa mana barnootaaf dursa kennuu keessatti hojiiwwan hammataman (Eeyyee/Lakki)**	**Karoora fooyya'insa manneen barnootaa keessatti hojiiwwan doomenii baruufi barsiisuu (Eeyyee/Lakki)**

Gabateen beeksisaa guca baajatni gargaarsaa dursa manneen barnootaatiif ittiin kennamuu fi guca ibsa faayinaansii manneen barnootaa agarsiisuu qaba